



# Tajaajila Barnoota Kitaaba Qulqulluu Qajeelfama Barsiisotaa

Kitaaba qulqulluu sadarkaa 1 fi 2

DURAA DUUBA A  
Seenaa 1-6



# Tajaajila barnoota Kitaaba Qulqulluu

Dhaabbata Gargaarsaa UKtti galmaahe (Lakkoofsa 1096157)

## Ergama

Nuti sin tajaajiluudhaan isin kanneen biroo tajaajiltu, itti fayyadama idil addunyaaf oolchuu; barnoota kitaaba qulqulluu itti fufiinsaan Dubbii Waaqayyoo qayyabachiisuudhaan dhaloota ammaa fi dhaloota boruuf oolchuu dha.

## Mul'ata

Afaanota idil addunyaa adda addaatiin barnoota kitaaba qulqulluu oomishuu fi jajjabeessuudhaan karaa mal-quunnamtii adda addaa kanneen yaada keenya hirmaataniif gahuu dha.

## ODEEFFANNOO WALIIGALAA

### Raawwii tajaajila barnoota kitaaba qulqulluu:

Tajaajilli barnoota kitaaba qulqulluu "Bibletime", "New life" fi "Gleaners" afaan Ingiliffaan barnoota kitaaba qulqulluu qophaa'an yeroo ta'an manneen barnootaa kitaaba qulqulluu poostaa fi dhaabbilee wal fakkaatoo UK irraa gara idil addunyaatti daawwachuudhaan, neetorkiidhaan, gorsaa fi leenjiiidhaan biraan gahuu dha. Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun yeroo ammaa kana gareewwan biyyoota biroo keessa jiran waliin hariiroodhaan hojjechaa kan jiru yeroo tahu kanneen turjumaanaa, dizzaayinii, maxxansaa fi raabsaa barnootichaa hojjetanii dha. barnootni kunneen barattoota hundaafuu kaffaltii malee gahuu qabu.

Barnootni bibletime yeroo jalqabaaf tajaajila irra kan oole Kibba Ayerlaand waggoota 50 dura ture. Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun itti gaafatamummaa gulaalummaa fudhachuudhaan afaan Ingiliffaa Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun gulaaluu fi afaanota biyya alaa gara garaa gulaaluudhaan hirmaataa jira. barnoonni bibletime durumaanuu waraqaa A4 irratti kan maxxanfame yeroo tahu barattoota bakka adda addaa jiraniif turban afur afuriin barnoota kana gara wiirtuu barnoota kitaaba qulqulluutti akka deebisanii fi qabxii itti argatanii kan taasisuu dha. Yeroo dhiyoo asitti galanni Sosochii Haaromsaaf haa tahu malee Beelfaast, keessatti barnootni baatii jahaa waraqaa A5 irratti maxxanfamuudhaan waldaalee fi manneen barnootaa akka salphaatti kan itti fayyadaman ta'uu isaanii keessumattuu bakkeewwan tajaajila poostaa hin qabneef faayidaa kennaa turee jira.

Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun barnoota biraa irraa adda kan isaan taasisu manatti ykn gareen kan qopheeffamanii (waldaa/mana barnootaatti) qorannoodhaan caasaa barnootaa karoorfameen barattoonni hanga waggaa 20tti akka itti fufan kan taasisanii dha. Garaagarummaa umriidhaan kan kennaman sadarkaalee barnootaa shank an qabu yeroo tahu kanneen umrii barnoota seenuun duraa, waggaa 5-7, waggaa 8-10, waggaa 11-13, waggaa 14-16 jiraniif kan qopheeffamanii dha. tokkoon tokkoo gareewwan umrii kanneeniif qo'annoo waggaa sadiitu kenname. (fuula 4 ilaalaa). Gareen umrii kanneen sadarkaa hubannoo irratti hundaahuudhaan kan kennamanii dha. Qabiyyeen bibletime ijoolleen dubbii Waaqayyoo akka qorataniif carraa kennuudhaan seenaa kitaaba qulqulluu barachuudhaan jireenya isaanii keessatti barsiisa kitaaba qulqulluu akka jiraataniif kan dandeessisanii dha.

Kooppiiwwan barnoota kanneen maxxanfaman Ingiliffaadhaan marsariitii Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun irraa [www.besweb.com](http://www.besweb.com) irratti kan argaman ykn Barreessaa idil addunyaa keessatti kan argamanii dha. Afaanota birootiinillee marsariitii irratti ni argaman. Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun isin unuu waliin hariiroo qabaachuu yoo feetan marsariitii irraa buufachuun itti gargaaramuu ni dandeessu.

## Teessoo quunnamtii Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluu

### Barreessaa idil addunyaa fi kan Ayerlaand

Mr S Balmer, 37a Belmore Street, Enniskillen, Northern Ireland BT74 6AA  
L. Bilbilaa: 0286 632 2462  
Imeeyilii: [sam@besweb.com](mailto:sam@besweb.com)

### Barreessaa UK

Mr Stephen Gillham, 32 Firs Glen Road, West Moors, Ferndown, Dorset BH22 0ED  
L. Bilbilaa: 01202 873500  
Imeeyilii: [stephen@sgillham.co.uk](mailto:stephen@sgillham.co.uk)

Marsariitii: [www.besweb.com](http://www.besweb.com)

Imeeyilii: [info@besweb.com](mailto:info@besweb.com)

## TAJAAJILLI BARNOOTAA KITAABA QULQULLUU

Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun jalqaba irraa kaasee bakkeewwan tajaajila poostaa hin jirre akka manneen barnootaa fi waldaalee Afriikaa, Hindii fi bakkeewwan biroo keessatti tajaajila kennuun isaa dabalaa dhufee jira. Qajeelfamni barsiisotaa kanneen barnoota kana fayyadamaniif qopheeffamanii dha. Barruulee kane keessatti qajeelfamni barnootaa sadarkaa 1ffaa fi sadarkaa 2ffaaf umrii hanga waggaa 5-10 jiraniif kan oolanii dha.

Qajeelfamni barnootichaa tokkoon tokkoon isaanii akkuma barnoota bibletime irra jiruutti wabii wal fakkaataa kan qabani dha. Barnootni bibletime fi qajeelfamoonni isaanii torbaniif akka oolaniif kan qopheeffamanii dha. Barnootni baatii Eblaa keessumaayyuu ayyaana Faasikaa irratti xiyyeeffannoon kan barreeffaman yeroo tahan barreeffamnoonni Muddee ammo ayyaana Dhalootaa Gooftaa Yesuus Kiristoosiif akka oolanitti kan barreeffamnii dha.

Barruulee kanneen yeroo itti fayyadamntan xumura barnootaa tookkoon tokkoo isaanii irratti barruuleen kunneen walitti qabanmanii qabxiin irratti taasifama. Haalota baay'ee keessatti kun rakkisaa tahuu isaa hubannee jirra. Kanaafuu kutaa barnootaa keessatti barruuleen kunneen raabsuudhaan barsiisaan ykn hoogganaan barnoota kennuudhaan barattoonni barnoota hiriya isaanii irratti qabxii kaa'uudhaan qabxii akka itti kennan taasifamu. Xumurta barruulee kanneen irratti bakki qabxiilee baatii sanaa itti galmeessan waan jiruuf guddina barataa saanaa ilaalchisee bakki yaadni itti kennamus ni jira. Barataan kunis barnoota baatii jahaaf kennamaa ture sirriitti xumuruu isaa kan agarsiisu xumura irratti waraqaan ragaan ni kennamaaf.

## QOPHII BARSIIISOTAA

Barsiisonni waan ofii isaanii yaadanii fooyyee qabsiisanii dhiyeessan akka hin barsiifneef dhorkuu hin barbaadnu waan taheef kaka'umsa barsiisotaa mala mataa isaanii fayyadamani barsiisuu hin dhorkinu. kunneen qabiyyee bibletime fayyadamuuf yaada kennamanii dha.

- **Seenaa sana beekuu** – barsiiftonni seenaa kitaaba qulqulluu irra jiru beekuu fi barnoota bibletime waliin firoomsuudhaan fayyadamuu qabu. Yaadaanuu barnootni bibletime barsiisaan barnoota sana xumuruun dura itti fayyadamuu qaba. qajeelfamni tokkoon tokkoo barnootichaaf kenname karoora barnootichaaf xiyyeeffannoo kan kennu ta'uu qaba.
- **Barnoota kennamu hubachuu** – karoora barnootichaa mata duree irratti jechuuta “wanti amma barannu” kan jedhan fedhii ijoolleen qaban lamaan erga seensessuu barsiisaa dhaggeeffataniin booda fi barnoota bibletime xumuraniin booda kan yaadatani akka tahaniif dhiyaatanii jiru. Yaadni barnootaa filannoo inni duraa beekumsa waa'ee seenaa sanaa yeroo ilaallatu inni lammaffaan ammo ijoolleen waa'ee barnootichaa beekumsa qaban akka itti yaadan, akka hojii itti hiikanii fi deebii akka kennanii dha. Filannoowwan barnootaa kunneen yaadimee ijoo/dhugaa jiru barnoota kana keessatti barsiifamanii fi barsiisonni ammo madaallii mataa isaaniif itti fayyadamuu fi madaallii mala barsiisuu fi barachuu gaggeessuudhaaf isaan gargaara.
- **Wal barsiisuu** – barnoota hundaa keessatti ijoolleen haala kana irratti mudannoo mataa isaanii akka calaqqisan taasifamu. seenaa kana ijoollee kanatti himuudhaaf ijoolleen hirmaannaa cimaa akka taasisaniif jalqabbii seenaa kana irratti wal barsiisuu qabna.
- **Barsiisuu** – seenaa keessatti qabxiilee ijoo keenyee jirra. barsiiftonni kana yeroo barsiisan osoo qabxii ijoo kana hin tuqiin seenaa kana durumaanuu ofii isaanii yaada isaanii keessatti sammuu isaanii keessatti qayyabatani haala hawwachiisaa taheen barsiisuu qabu. Barsiisaan barattoonni seenaa kana akka sirriitti hubatan gochuudhaaf seenaa kana irraa maal akka beekan akka calaqqisan taasisuu qaba. Kanaaf akka mijatuuf seenaa keessatti waan wal qabatee jiru mul'isuudhaaf yaalii taasifnee jirra. Kunneen yeroo hundaa qubee italics kan ilaalamanii dha.
- **Agarsiisuu** – Haalota adda addaa keessatti ijaan agarsiisuun ulfaataa akka tahe garuu hanga danda'ametti ammo boocaalee ykn wantootaan seenaa kana akka sirnaan hubatan taasisuu qabna. Gargaartuun barnootaan argaman seenessuu kana hubachiisuuf bakka guddaa kan qabu dha. Haala barbaachisaa ta'een bakka fakkiiwwan fi boocaaleen barbaachisanitti [www.freebibleimages.org](http://www.freebibleimages.org) irratti dhiyeessuudhaan marsariitii isaanii irraa buufachuun ni danda'ama. Maddi wantoota argamanii inni biraan ammo Eikon Bible Art ([info@eikonbibleart.com](mailto:info@eikonbibleart.com)) yeroo ta'u kun bittaadhaan kan argamu dha. Yoo maashiniin kooppii jiraate, fakkiiwwan bibletime muraasni isaqaqni guddisuudhaan, halluu dibuudhaan, barnootaaf itti fayyadamuun ni danda'ama.
- **Barachuu** – tokkoon tokkoo seenessaa waliin jechama furtuu ta'an kaa'amani waan jiraniif haala tokko tokko keessatti jechama furtuu lamaan kaa'uudhaan ijoolleen sirriitti akka barataniif ni gargaara jennee dhiyeessinee jirra. Ijoolleen jechama furtuu akka barataniif akka yaadataniif akkasumas jechoota dubbii kitaaba qulqulluu akka yaadataniif goonee jirra.

- **Xumuruu** – Mana barnootaa keessatti ijoolleen gilgaalota akka hojjetanii fi deebii akka kennan gochuudhaan barsiisaan gargaarsa barbaachisu akka kennu taasifama. Isaan muraasaaf barsiisaan seenessa sana dubbiseefii ijoolleen ammo seenessa kana irraa maal akka hubatan ni gaafatamu. Daa'imman gara biroon ammo dubbisuudhaan deebii akka kennan gaaffii ni gaafatamu. Haala lamaanuu keessaa ijoolleen qajeelfama kennamuu akka hordofaniif gaaffii gaafatamu. Haala mana barnootaa hin taane keessatti bibletime ni fayyadamta yoo taate akka qormaata hin taane gargaaruun barbaachisaa dha. Barnoonni kennamu bohaartiif kan ooluu fi gammachiisaa tahuu akka qabuu fi ijoolleen hojii hojjetaniif isaan jajjabeessuun barbaachisaa dha.
- **Keessa deebi'uu** – Maloota biroo salphaa fi hubatamoon qormaata, ykn barnoota kana gargaaruudhaaf seenaa keessa deebi'uun barbaachisaa dha.
- **Ittiin jiraachuu** – kutaan kun waan mata duree waan qabatuuf, barnoonni kun akkamiin nuun qoraa fi hojii garee kennuudhaan deebii dhuunfaa funaanuudhaan qormaata barnoota kanaa deebisuu gaafata.

## Jechama furtuu barsiisuu

1. Jechi furtuun waraqa qofaa tokko irratti barreeffamee ykn boordii jechoota baay'ee waliin barreeffamee ijoolleen akka irra deddeebi'anii jedhaniif hanga jechi kun haqamutti barattoonni akka jedhanii fi erga haqamee boodas akka yaadatanii jedhan taasisuu dha.
- 2) Iddootti Kitaaba Qulqulluun argamutti taphnicaqasa Kitaaba Qulqulluu ni adeemsifama. Ijoolleen caqasa sana argachuudhaaf wal dorgomu, caqasa sana calqabaa kan argate, sagalee isaa ol fudhateet dubbisa.
  - a) Garee lamaanii nama rarraasuu – xalayoota baay'ee – bakki jechi furtuun jiru qubeessaa adda taheen barreessuudhaan – ijoolleen qubee isa kamiin akka barreeffamuu qabu filachuudhaan hanga isaan keessaa tokko jecha sana yaadatee jedhutti irra deddeebisuudhaan gaafachuudhaan raawwatama.
  - b) Yoo kitaaba qulqulluun jiraate dirriilii eeboo kanaan barattoonni jechama sana barbaaduudhaan kan dura argate akka dubbisu taasifamuudhaan raawwatama.

## Karoora yeroo

- **Duraa duuba** – tokkoon tokkoo barnootaa barsiisuudhaaf duraa duuba isaanii eeguudhaan keenyee jirra garuu barsiisonni kana yeroodhaa gara yerootti jijjiiruuf barbaaduu danda'u.
  1. wal barsiisuu fi seenmessaa dubbisuu – tilmaamaan daqiiqaa 15
  2. jecha furtuu barsiisuu – daqiiqaa 5-10
  3. workishiitii guutuu – daqiiqaa 20
  4. qormaataa fi gochoota – daqiiqaa 5-10

Waan jedhamu kana yaadadhu

“Yoo natty himte nan irraanfadha;  
Yoo natty agarsiifte nan yaadadha  
Yoo na hirmaachifte nan qayyabadha.”

## Seera barumsa Kitaaba Qulqulluu.

	SADARKAA 0 (B/sa dura) SADARKAA 1 (Umrii 5-7) SADARKAA 2 (Umrii 8-10)	SADARKAA 3 (Umrii 11-13)	SADARKAA 4 (Umrii 14 ol)
<b>Kan jalqabaa</b>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Barnoota jalqabaa – wal barsiisuu</li> <li>2. U1-Wangeela Luqaas</li> <li>3. U2-Wangeela Luqaas</li> <li>4. U2-Wangeela Luqaas</li> </ol>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Barnoota jalqabaa – wal barsiisuu</li> <li>2. U1-Wangeela Luqaas</li> <li>3. U2-Wangeela Luqaas</li> <li>4. U2-Wangeela Luqaas</li> </ol>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Barnoota jalqabaa – wal barsiisuu</li> <li>2. U1-Wangeela Luqaas</li> <li>3. U2-Wangeela Luqaas</li> <li>4. U2-Wangeela Luqaas</li> </ol>
<b>QABIYYEE A</b>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Uumama</li> <li>2. Nohi.</li> <li>3. Phexros.</li> <li>4. Fannoo Phexros.</li> <li>5. Abrahaam</li> <li>6. Abrahaam</li> <li>7. Phexros</li> <li>8. Phexros</li> <li>9. Yaaqoob</li> <li>10. Kristaanoota durii</li> <li>11. Phaawulos</li> <li>12. Dhaloota Yesus</li> </ol>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Uumama</li> <li>2. Nohi.</li> <li>3. Phexros.</li> <li>4. Fannoo Phexros</li> <li>5. Phexros</li> <li>6. Abrahaam</li> <li>7. Yaaqoob</li> <li>8. Kadhannaa</li> <li>9. Phaawulos</li> <li>10. Phaawulos</li> <li>11. Phaawulos</li> <li>12. Dhaloota Yesus</li> </ol>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Uumamaafi kufaatii</li> <li>2. Guddina duri seer uum</li> <li>3. Phexros</li> <li>4. Fannoo Phexros</li> <li>5. Phexros</li> <li>6. Abrahaam</li> <li>7. Yaaqoob</li> <li>8. Jireenya kiristaanummaa</li> <li>9. Phaawulos</li> <li>10. Phaawulos</li> <li>11. Phaawulos</li> <li>12. Ayyaanaa dhaloota</li> </ol>
<b>SEERA BARUMSAA B</b>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Jireenya kiristaana isa jalqabaa</li> <li>2. Raaji</li> <li>3. Bitaaniiyaa</li> <li>4. Fannoo</li> <li>5. Fakkeenya</li> <li>6. Yoseef</li> <li>7. Yoseef</li> <li>8. Namoota Yesus argate</li> <li>9. Musee</li> <li>10. Musee</li> <li>11. Musee</li> <li>12. Seenaa ayyaana qillee</li> </ol>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Fakkeenyoota</li> <li>2. Waan rajjii</li> <li>3. Bitaaniiyaa</li> <li>4. Fannoo</li> <li>5. Kristaanoota durii</li> <li>6. Yoseef</li> <li>7. Yoseef</li> <li>8. Barreessitoota wangeelaa</li> <li>9. Musee</li> <li>10. Musee</li> <li>11. Musee</li> <li>12. Seenaa ayyaanaa qillee</li> </ol>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Fakkeenyoota</li> <li>2. Waan rajjii</li> <li>3. Bitaaniiyaa</li> <li>4. Fannoo</li> <li>5. Kristaanoota durii</li> <li>6. Yaaqoobifi maatii isaa</li> <li>7. Yoseef</li> <li>8. Ho.E. 2:42 karaagara fundura</li> <li>9. Musee</li> <li>10. Musee</li> <li>11. Seera</li> <li>12. Seenaa ayyaanaa qillee</li> </ol>
<b>SEERA BARUMSAA C</b>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Daani'el</li> <li>2. Waan dinqii baay'ee</li> <li>3. Waan dinqii baay'ee</li> <li>4. Du'uu Kristoos</li> <li>5. Ruutiifi Saamu'eel</li> <li>6. Daawiit</li> <li>7. Daawit</li> <li>8. Iyasuu</li> <li>9. Eliyaas</li> <li>10. Elsaai'in</li> <li>11. Yoonataa</li> <li>12. Ayyaana dhaloota Yesus</li> </ol>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Daani'el</li> <li>2. Waan dinqii baay'ee</li> <li>3. Waan dinqii baay'ee</li> <li>4. Du'uu Kristoos</li> <li>5. Ruutiifi Saamu'eel</li> <li>6. Daawiit</li> <li>7. Daawit</li> <li>8. Iyasuu</li> <li>9. Eliyaas</li> <li>10. Elsaai'in</li> <li>11. Nama Waaqayyo ittifayyadame kakuu moofaati</li> <li>12. Ayyaana dhaloota Yesus</li> </ol>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Daani'el</li> <li>2. Fakkenya Yesus</li> <li>3. Aangoo gooftaa</li> <li>4. Du'uu Kristoos</li> <li>5. Ruut</li> <li>6. Saamu'eel</li> <li>7. Daawit</li> <li>8. Iyasuu</li> <li>9. Eliyaas</li> <li>10. Elsaai'in</li> <li>11. Amala heddu k/moofa</li> <li>12. Ayyaana qillee</li> </ol>

## A1 Seenaa 1

### Waaqayyo adduunyaa uume – seenaan isa lafaa fi samii kan uume waa’ee Waaqayyotii.

<b>WAL BARSIIISI</b>	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Waaqayyo adduunyaa kana akka uume.</li> <li>• Waan Waaqayyo uume hundumaaf isa galateefachuun akka barbaachisu.</li> </ul> <p><b>Caqafama furtuu: Uma. 1:1</b>  <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu: Uma. 1:1-19</b></p>
<b>BAARSIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Ijjooleetti suura mana agarsiisuu ykn ijjooleen mana isaanii akka suura kaasaan gochuunbarbaachisaadha.</li> <li>• Ijjoolee manni ijaarsi waggaa meeqa akka barbaachisu gaafaadhu. Mana maaltu barbaachisaa?</li> <li>• Mana ijaaruuf meeshaan baay’een yoo barbaachisan iyyuu, Waaqayyo adduunyaa kana garuu waan duuwaa irraa uume.</li> </ul> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Waaqayyo jalqaba samii fi lafa uume. Waaqayyo kanas yemmuu uumu adduunyaan kun dukkanaa huwifamtee turte. <b>(Uma. 1:3)</b>. <i>Yeroo hundumaa addunyaan kun dukkana otoo taatee maal fakkaatti ta’inaa? (kana agarsiisuudhaaf ijakee wayyaadhaan hukaamsuunbu’aa qabeessa ta’u danda’a.)</i></li> <li>• Jalqaba irratti Waaqayyo akkana jedhee dubbate “ifti haa ta’u jedhe”. Yeroo dhuma sana ifti ta’e. Waaqayyo ifa sanaan guyyaa jedhee Yoo waamu dukkana immoo halkan jedhee waame. Yeroo mara dukkana akka hin taane ifnii dukkana bakka haabu’u jedhe. <b>(Uma. 1:4-5)</b>.</li> <li>• Guyyaa lammaffaatti Waaqayyo ammas irra deebi’ee dubbachuun lubbuu qabeeyyii lafarraafi samii irraa uume. Ammas galgalli dhufee guyyaan lammaffaan xumurame. <b>(Uma. 1:6-8)</b> <i>Ijjooleen qilleensa sirritti gara keessa isaanitti harkisuudhaan qilleensi naannoo isaanii hangam bu’aa qabeessa akka ta’e haa ibsani.</i></li> <li>• Amma guyyaa lammaffaatti laftii bishaaniin huwifamtee jirti waan ta’eef, lafa gogaan uumuun yeroo isaa ta’e. Waaqayyo dubbannaan lafti haaraan uumamte. Bishaan xiqqoon naannoo lafa gogaa jirtu galaana jedhamte. Waaqayyo deebi’ee akkas jedhe “lafti hundinuu gosa biqilootaafi mukeewwaniin haa hagugamtu” jedhe. Waaqayyo waan uume hundumaa ilaalee gaariidha jedhe. Kun guyyaa sadaffaadha. <b>(Uma. 1:9-13)</b> <i>Ijjooleen biqiloota naannoo isaanitti biqilan keessaa muraasa akka ibsan godhaa. Halluwwaan boca garagaraafi, akkasumas hangam biqiloonni barbaachisoofi midhagoo akka ta’an haa dubbatan.</i></li> <li>• Guyyaa 4ffaatti Waaqayyo haala adda ta’een kan iftu ifa samii irratti godhe. Aduun guyyaaf, urjiifi addeessa immoo halkanii Waaqayyo ificha ilaalee gaariidha jedhe. <b>(Uma. 1:14-19)</b> <i>Aduun hangam akka fayyadu dubbadhu. urjoota mul’atan haa raajeffadhu.</i></li> <li>• <i>Ijjooleedhaaf Waaqayyo waan maraa of keessatti kan qabateefi midhaagduu ishii taate adduunyaa kana akka uume dubbaachuudhaan dhimma kana irratti isa galateeffachuunakka ta’u ibsif.</i></li> </ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumuru.</b></p>
<b>BARATAAN</b>	Caqasni ijoo barbaachisaa yoo ta’e barsiisuuf ibsu - <b>Uma. 1: 1</b>
<b>YAADACHISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Jalqaba irratti dacheen maal fakkaatti turtee?</li> <li>• Guyyaa meqaffaatti iftii Uumame?</li> <li>• Waaqayyo guyyaa lammaffaatti samifi ..... uume?</li> <li>• Jalqaba irrattii dacheen maaliin huwifamtee turtee?</li> <li>• Waaqayyo guyyaa sadaffaattii kan uume Uumamni guddataan lammaan maalifi maalidhaa?</li> <li>• Waaqayyo guyyaaf kan uume ifti sun maal jedhamaa?</li> <li>• Waaqayyo halkanii kan uume ifni sun maal jedhamaa?</li> <li>• Caqafama kana xumuri: “jalqabatti Waaqayyo kan uume .....” dha.</li> </ul>

## A1 Seenaa 2

### Waaqayyo bineensotaafi nama uume – seenaan kun waa’ee nama isa jalqabaa nu agarsiisa

	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"><li>• Waaqayyo nama akka fakkaatti isaatti waan uumeefi isaaf baay’ee kan adda ba’anidha.</li><li>• Karaa Waaqayyo hordofuu kan qabnuuf inni waan nu uumef.</li></ul> <p><b>Caqafama furtuu: Uma. 1: 31</b> <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu: Uma. 1:20 - 2:3</b></p>
<b>WAL BARSIIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Yoo hojjetamu waan bade tokko fidi. Fakkenyaaf keekii ykn buskuutiin yoo hojjetamu akka yadametti yoo hojjetamuu baate hangam akka nama gaddisiisu irratti mari’adhaa.</li><li>• Waaqayyo uumama baay’ee yoo Umuu wanti tokko garaa akka isa hin hanqatiin ijoolleedhaaf ibsaa.</li><li>• Ykn ijoolleen sochii bineensota garagaraa argisiisuu haa agarsiisaan. (Inni kun yaalii taphatokko ta’uu danda’a).</li></ul>
<b>BAARSIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Guyyaa shanaffaatti Waaqayyo lakkoofsan baay’ee kan ta’an sinbirootaa fi qurxummiwwan garagaraa uume. Waaqayyos waan uumes hundumaa ilaalee gaariida jedhe. <b>(Uma. 1:20-23)</b> <i>Gareen kee kan beeku sinbiroo ykn qurxummii yaadii.</i></li><li>• Guyyaa 6ffaattii Waaqayyo bineensota hundumaa uume. Innis sattawwaa mormaa dheeraa, leencaa fi qeerraansa ilkaan qaraa uume. Hundumaa isaani Waaqayyotu uume. <b>(Uma. 1:24-25)</b></li><li>• Hangam iyyuu Waaqayyo uumama baay’ee nama raajeffachiisan yoo uumu iyyuu, wanti inni bifa addaatin uume tokko immoo jira. Harkatti biyyoo xiqqooshii fudhitti ijoolleet agarsiisuun isarraa maaltu akka hojjetamuu danda’u gaafadhu. Waaqayyo biyyoo lafarraa fuudhee nama jalqabaa hojjete. Namtichis afuura Waaqayyootin jiraataa ta’e uumame. Maqaan nama jalqabaa kun Adaam jedhama. <b>(Uma. 1:26-31)</b> <i>Inni yemmuu Addaamiin uumu bifa ofii isaa (waaqayyoo kan fakkaatu) taasissee akka uume ijoolleedhaaf ibsi. kana jechuun Waaqayyoo amalli namaa tokko tokko akka isa fakkaatuuf ykn ta’uuf uume. Fakkaatti waaqayyotiin waan umaameef bineensota biraa irraa adda fi wantota yaaduufi wanta hojjene sanas dandeetti yaaduu qabna. kun immoo hamaa gaarii irraa adda baasuun, waaqayyoofi.</i></li><li>• Waaqayyoo dacheefi uumamaa lubbuu qabaani ishii keessattii argaman hundaa guyya 6ffaatti hojjeete xumure. Hojii isaa yeroo xumuruu hundumtuu gaarii akka ta’ee dubbate. Guyyaa 7ffaattii boqonnaa godhaachuudhaan hojii hojjetee hundumaa aja’ibsifate. <b>(Uma. 2:1-3)</b>. <i>Hojiin yoo nutii baay’ate akkamitti boqonnaa fudhachuun akka barbaachisu itti yaadii.</i></li><li>• Adduunyaan Waaqayyo uume hanqina kan hin qabneefi Waaqayyoos uumama uume hundumaatti kan gammade akka ta’e ibsuudhaan yaada xumuraa kenni.</li></ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumuruu.</b></p>
<b>BARATAAN</b>	<p>Caqaasnii ijoon barbaachiisa yoo ta’ee barsiisuufi ibsuu. - <b>Uma. 1: 31</b></p>
<b>YAADACHISI</b>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Waaqayyo bineenotaa fi biqiloota lafaafi samiirra jiraatan gaafa guyyaa meeqaatti uume?</li><li>• Waaqayyo waa’ee isaaniitifi maal jedhee turee?</li><li>• Waaqayyo gaafa guyyaa 6ffaatti waa’ee bineensota maal godhee turee?</li><li>• Waaqayyo hundumaa erga uumee booda maal jedhee?</li><li>• Namni jalqabaa eenyu turee?</li><li>• Waaqayyo nama uumuuf maal itti fayyadamee?</li><li>• Addunyaa kana uumuuf guyyaa meeqa itti fudhatee?</li><li>• Waaqayyo guyyaa torbaffaatti maal godhee?</li></ul>



### A1 Seenaa 3

#### Nama jalqabaa dhiira fi dubartii – kunis waa’ee seenaa haadha mana Addaam agarsiisa.

<b>WAL BARSII SI</b>	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Waaqayyo haadha mana Addaamiif kan Uume Addaam uumama yommuu kunuunsu akka isheen isa gargaartuuf.</li> <li>• Waaqayyo waan hundumaa to’ata.</li> </ul> <p><b>Caqafama furtuu: Uma. 2:18, Far 24:1</b>  <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu: Uma. 2:4-25</b></p>
<b>BAARSIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Ijoolleen bakka biqiltootaati hojjetaniru yoo ta’e, maal maalfaa akka dhaabaan gafachuudhaan kelloowwan /ija biqiltuu/ firii garagaara itti agarsiisii. Bakkawwan biqiloota kana hin beekan yoo ta’e, immoo bakka namoonni biqiloota garagaraa dhaabaani kunuunsaan ta’uun kan agarsisuun ibsiif.</li> <li>• Bakka dhaaba biqiltuu /Eeden/ hanga nuti tilmaamnuun olitti miidhagduu akka taatee ijoolleedhaaf ibsi.</li> <li>• Waa’ee Dhaaba biqiltuu /Jennatan Eeden/ irrati mari’adhaa. Bakka dhaaba biqiltoota Eeden jiraachuu ni jaallattaa? Baay’ee kan si gammachiisu maal inni? Kun kophaa ta’uu Addaam qofa kan agarsisu sitti fakkataa?</li> </ul>
<b>BARATAAN</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Addaam mooraa Eeden jedhamtu ishee miidhagdu keessa jirata ture. As irratti Waaqayyo waan isa barbaachiisu hunduma Addaamiif akka kenne ni hubanna, isaanis bishaan, soorata. Waaqayyo Addaam bakka dhaaba biqiltuu akka kunuunsuu godhe. <b>(Uma. 2:15)</b></li> <li>• Waaqayyo Uumama Uume hundumaa Addaamitti agarsisee. Addaamis Uumama warra lubbuu qaban hundumaaf maqaa moggasee. <b>(Uma. 2:19-20)</b></li> <li>• Waaqayyo Addaam kopha isa akka ta’u hin barbaanne. Bakka dhaaba biqiltuu keessatti Addaam waan baay’ee mimmiidhagoo ta’aan bineensoota, simbirroota, mukkeewwaniin yoo marfamte iyyuu haala jireenya isa keessatti namni isa gargaaru akka isa barbaachisu inni beeka. Kanaafuu Waaqayyo Addaam irra irriba ulfaataa kaa’ee cinaacha isaa keessaa dubartii jalqabaa hojjete. Amma Addaam kophaa isaa miti. Innis dubartii Hewwaan jedhamtu bakka dhaaba biqiltuu sanaatii waaqayyo akka isa gargaartuuf kan kenneef gargaartuu sana haadha mana jedhee waame. <b>(Uma. 2:20-24)</b></li> <li>• Mooraawwan bakka dhaaba biqiltuu sana keessa mukkeewwan baayyeetu turani. Bakka gidduu gala sana “muktii hamaafi gaarii addan baaftee beeksiftu” achii turte. Waaqayyo Addaamii fi Hewwaniin mukoota jenneta keessatti argaman kam iyyuu nyaachuu akka danda’an, haa ta’u malee “mukaa hamaa fi gaarii addan baaftee beeksiftu” akka hin nyaannee isaan abboome. <b>(Uma. 2:16-17)</b> <i>Ijoolleen mana isaaniif mana barumsaa keessatti barbaachisaa? (sodaa malee gammachuudhaan akka jirannuufi). Abboommiin maaliifi Addaamii fi Hewwaniif kenne kabajuu fi abboomamuu isaanii mirkaaneesse.</i></li> <li>• <i>Waaqayyo Addunyaa kan akka Uumeefi akka bulchuu ibsii. Inniis namoonni akkamitti akka jirachuu qabaan kan murteessu dha. Nutis gama keenyaan seera kanaaf buluu qabna.</i></li> </ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumurru.</b></p>
<b>YAADACHISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Bakka Addaam jiraacha ture Eessaa?</li> <li>• Addaam jeenneta Eeden keessatti maal hojjechaa turee?</li> <li>• Bineensotaaf maqaa isaanii kan moggasee Eenyuu?</li> <li>• DHimma kan erga xumureen booda Waaqayyo Addaamiif ... Uumufi barbaadee.</li> <li>• Waaqayyo haadha mana Addaam Uumuudhaaf maal itti fayyadamee?</li> <li>• Maqaan haadha manaa Addaam Eenyu jedhaamti?</li> <li>• Mukkeewwaan garagaraa jenneta Eeden keessatti argaman maqaa dha’i.</li> <li>• Seerri Waaqayyo “muka hamaaf gaarii addaan baafte beeksiftu” maal isheeni?</li> </ul>

### A1 Seenaa 4

**Addunyaa mancaate – seenaan kun cubbuun akkamitti gara lafaa (Addunyaa) kana akka dhufe ibsa.**

	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Addaamii fi Hewwaan sababa Waaqayyoof Abboomamuu didaanif Uumama muudaa hin qabnee cubbuudhaan falan /balleessan/.</li> <li>• Waaqayyoof Abboomamuu dadhabuu keenyaaf cubbuu hojjenne hundaaf dhiifamaa gafachuudhaan Araraa argachuu qabna.</li> </ul> <p><b>Caqafama furtuu: Rom. 5:12, Rom. 5:1</b>  <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu: Uma. 3:1-14</b></p>
<b>WAL BARSII SI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Suura baay'ee miidhagaa ta'e fidiiti irratti barreessi. Isammoo kukkutitii akka fakkeenyaatti balleessi.</li> <li>• Irratti maari'adhaa: suuran sun maal ta'ee? Ammahoo maal fakkataa?</li> <li>• Waaqayyo garuu addunyaa sirri yoo uumu isheen garuu cubbuudhaan mancat /badde/.</li> </ul>
<b>BAARSIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Addunyaan isheen duraa yemmuu uumamtu wantonni hundinuu dogongorri kan keessatti hin argamne yoo ta'u, bifa bofaatiin kan mul'ate diinni Waaqayyo seexanni gara bakka dhaabaa biqiltuu sana dhufe. Bofichis Hewwaaniin "mukaa hamaafi gaarii addaan baftee beeksiftu" ijashii ni nyaattu yoo ta'e akka Waaqayyootti ogeessa taatu jedheen. <b>(Uma. 3:1-5)</b></li> <li>• Hewwaan diina Waaqayyo sana dhaggeeffattee. Achumaan Waaqayyoof hin abboomamu jechuudhaan ija /firii/ mukicha sana fudhattee Addaamiifis kennite. Wajjinis ni nyaatani <b>(Uma. 3:6)</b></li> <li>• Yeroo galgalaa'u sanatti Waaqayyo Addaami fii Hewwaan wajjiin dubbachuu yeroo barbaadu iyyuu, abboomamuu dadhaabuu isaanii waan beekaanif hokatani. <b>(Uma. 3:7-8)</b> <i>Kanaan fundurratti namoonni ati hin abboomamneef jiraa? Kanarraan kan ka'e wanti uumamee tokko jiraa? Akkuma Addaamiif Hewwaan Waaqayyo fulduraa dhokachuudadhaban nutis akka hin dandeenye ibsi.</i></li> <li>• Waaqayyo akkas jedhee waame "Eessa jirtaa?" Inni amma iyyuu yoo isaan jaalatu iyyuu isaan immoo akka fincilan waan beekeef ajajamuu dadhabuu isaaniif adabamuu akka qaban yaade. Kanumaan Waaqayyo Addaamii fi Hewwaan Jennata Eeden keessaa gadi baase hari'e. Cubbuun isaanii uumama Waaqayyo waan faleef /baleesseef/ walitti dhufeenyi isaanii Waaqayyo wajjin qaban addaan cite /digame/. Laftis qoraattifi baalan warraantee biqilchuu jalqabde. Bineensonniif namnis dhukkubsattoota ta'an. Dunis gara addunyaatti dhufte. <b>(Uma. 3:9-24)</b></li> <li>• <i>Kanumatti dabaluuudhaan yoo nuti hammeenya hojjennu Waaqayyo nutti mufata. Waliin ta'uudhaan Waaqayyoon kan hin gammachiifne wan ijoolleedhan hojjetaman wantoota xixiqqoo itti yaadii. Cubbuus yoo hojjenu inni baay'ee nuu jaalata. Ilmii Waaqayyo Yesus dhifama akka nuuf godhamuuf fannoo irratti du'uudhaan, isatti yoo amanee firoota Waaqayyo akka jedhamnu nu godhe.</i></li> </ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumurru.</b></p>
<b>BARATAAN</b>	<p>Caqasni ijooon barbaachisaa yoo ta'e barsiisuuf ibsuu - <b>Rom. 5:12, 5:1</b></p>
<b>YAADACHISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Firii mukichaa akka fudhattu Hewwaaniin kan qore eenyuu?</li> <li>• Seexanni Hewwaan akkamitti akka nyaattuuf gowwomsee?</li> <li>• Hewwaan firii mukichaa eenyuuf kennitee?</li> <li>• Addaamiif Hewwaan Waaqayyo yommuu isaan waamu maal godhani?</li> <li>• Hojii Addaamiif Hewwaan hojjetanitti Waaqayyo hangaam itti dhaga'ameeraa?</li> <li>• Addamiifi Hewwaan irra maaltu ga'ee?</li> <li>• Nuti yemmuu waan hamaa hojjennu Waaqayyo hangam nutti mufatee?</li> <li>• Waan hamaa hojjenneef dhiifama akkamitti argannaa?</li> </ul>

## A2 Seenaa 1

### **Nohi Waaqayyoo Abboomame – seenaan kun doonii isa hojjete Nohirratti xiyyeeffata.**

	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"><li>• Nohifi maatiin isaa, akkasumas doonicha keessaatti kan galan bineensonni sodaa hin qaban.</li><li>• Waaqayyo nufis karaa fayyinaa waan nuuf qopheessee fi akkuma nohiif amanannaa keenyaa isaa godhaachuun qabna.</li></ul> <p><b>Caqafama furtuu: HoE. 16: 31 Dubbiisa</b> <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu: Uma. 6: 5-22</b></p>
<b>WAL BARSII</b>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Ijoolleen bineensota jaallatan akka sitti himan godhi.</li><li>• Bineensonni sun hundinuu bakka tokko osoo ta'ani maal akka fakkaatu mari'adhaa! Bakka kamtuu isaaniif mijataa? Kun immoo hangam fayya qabeessaa ta'aa? foolii attamii qabaatu ta'ina?</li><li>• Doonii Qulqulluu irraa namoonnifi bineensonni baayyeen yeroo gara dooniitti seenan seenaa isa baratan ibsa godhiif.</li></ul>
<b>BAARSIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Waaqayyo jalqaba adduunyaa keenyaa kana yeroo uumu waan hundumaan midhagduufi gaarii turte. Yeroon booda Addaamiifi Hewwaan isaaf hin ajajamnu jedhanii ijoolleen isaaniis kan of jaallatani fi jajalloota ta'uu isaanittin Waaqayyo isaan uumu isaatti gaabbe. <b>(Uma. 6:5-6)</b></li><li>• Yeroo addunyaan kun jajallattuu turtetti Waaqayyon kan gammachise nama tokkodu ture!</li><li>• Maqaan nama kanas Nohi jedhama. Namni kunifi haati manaa isaa, Ijoollee isaa sadaniif haadha warra isaanii wajjiin wanta Waaqayyo akka isaan godhan barbaadu yeroo godhan warroonni naannoo isaanii jiran garuu Waaqayyon irraanfachuudhaan wanta ofii isaaniigammachisu hojjetan. <b>(Uma. 6:8-10)</b></li><li>• Waaqayyos addunyaan kun baay'ee kan mancate waan taateef adabamuu akka qabduu murteesse. Nohi immoo doonii akka hojjetu barbaade. Doonii hojjetamee yeroo xumuramu Waaqayyo loolaa guddaa lafarratti erge. Doonii ala warri jiran hunduu yoo dhuman Nohiifi maatiin isaa garuu ni olaan. <b>(Uma. 6:13-18)</b></li><li>• Nohi akkuma Waaqayyo itti dubbateen waan danda'e hunda godhe. Doonii Nohi kan jedhamu kun doonii guddaa ijaaramudhaaf tarii waggaa 100 itti fudhate ta'u danda'a. Baldhinni isaa hanga dirree kubbaa kan ga'u, kan amma gammoo abba darbii sadii ga'udhaa. Dhamaatii fi cimina Nohiin booda hojiin doonichaa ni xumurame. <b>(Uma. 6:22)</b></li><li>• Waaqayyo Nohiin bineensotaa fi simbiroota gosa hundumaa keessaa gara dooniitti akka galchuuf itti dubbate. Seensa irratti bineensota ijoolleen maqaa dha'an muraasa maqaa dha'ii! Isaan kanadha Nohifi maatii Nohi wajjin gara doonii kan seenaan. miseensa maatii Nohi gara dooniitti seenan saddeet maqaa dha'ii, lakka'i. Hundinuu gara dooniitti erga galan waaqayyo balbala dooniicha cufe. Kaayyoon isaan fayyisuu Waaqayyo ni milka'ee. <b>(Uma. 7:13-16)</b></li><li>• Nutis waan hamaa /yaara/ baay'ee akka hojjenne itti himi. Waa'ee cubbuu keenyaatiif adabbii osoo hin fudhatiin fayyina argachuu qabna. Waaqayyo nuuf karaa ilmasaa gooftaa Yesus isatti amanuudhaan fayyina akka argannu karaa nuuf qopheesseera. Fayyina akka argannuuf dooniin Waaqayyo nuuf qopheesse gooftaa Yesusitti amanuudhaan.</li></ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumuru.</b></p>
<b>BARATAAN</b>	<p>Caqasni ijooon barbaachisa yoo ta'e barsisuu fi ibsuudha - <b>HoE. 16:31</b></p>
<b>YAADACHISI</b>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Rakkoon adduunyaarra jiru maalii?</li><li>• Wanti Waaqayyo hojjechuudhaaf murteesse maalidhaa?</li><li>• Kan Waaqayyon gammachiise eenyuu?</li><li>• Nohi akka hojjetuufi kan Waaqayyo gaafate maalii?</li><li>• Doonichaatti kan galan eenyuufa turanii?</li><li>• Balbala doonichaa eenyutu cufee?</li><li>• Namoonni doonii keessaa sodaa jalaa kan olaan maaliif tuere?</li><li>• Sodaa adabbii cubbuu keenyaa jalaa bilisa kan taanu akkamittii?</li></ul>

## A2 Seenaa 2

### Doonicha keessa yaaddoon hin turre – Seenaan kun waa’ee bishaan badisaa agarsiisa.

	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"><li>• Waaqayyoon waan amanani fi waan abboomamaniif Nohiifi maatiin isaa yaaddoo jalaa olaan.</li><li>• Waaqayyotti kan amanannu yoo ta’e, yaaddoo/sodaa/ jalaa akka nu oolchu waada nuuf galeera.</li></ul> <p><b>Caqafama furtuu:                      Fak. 29:25</b> <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu:      Uma. 7:1-16</b></p>
<b>WAL BARSIIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Ijoolleen waan ijaaran ykn hojjetanii beekan akka dubbatan gaafadhu. Kana hojjechuuf maalitti fayyadamtan? Kana hojjechudhaaf rakkisaadhaa? Kana yoommuu hojjetu namnii wayii si gargaareeraa?</li><li>• Seenaa kanaan duraa dubbatte irra deebi’ii yaadachiisi. Nohi doonii hojjechudhaaf wanti inni itti fayyadame maal ture? Isa ijaarudhaaf rakkisaa akka ta’etti hubbataa? Isaa ijaaruudhaaf maaliif yaaddee?</li><li>• Hojii baay’ee rakkisaa ta’us Nohi dooniicha akka hojjetuuf Waaqayyo waan gaafateefi akka hojjete xiyyeeffannoo kennuudhaan ibsi. Abboomii Waaqayyo guutummaan guutuutti abboomame.</li></ul>
<b>BAARSIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Amma Nohi fi maatiin isaa nagaadhaan gara dooniitti seenaniiru. <b>(Uma. 7:6-7)</b></li><li>• Guyyaa torbaan booda bokkaan roobuu jalqabe. Guyyaa itti fufiinsa qabuuf roobe kaloofi dararaan hundinuu bishaaniin aguugame. Garbiifi galaanni badiinsaa isa guddaa ta’an. <b>(Uma. 7:17-20)</b> <i>Amma dooniin ala warra jiraanifi, yoo Nohii doonii hojjetunamoonni itti qoosaa turan itti guyyaatera.</i></li><li>• Bishaanichi ol ol jechuu jalqabe. Innis manneen, mukkeewwanifi gaarrewwan gurguddoo osoo hin hafiin dhokse. <b>(Uma. 7:20-21)</b> <i>Nohiifi maatii isaa doonii keessa ta’aniimiira isanitti dhaga’amu tilmamaa? Maaltu isinnitti dhaga’amaa?</i></li><li>• Doonii Nohi keessa kan jiran maatii isaa fi bineensonni hundinuu bishaan badiinsaa jalaa miliqai. Sababnii isaammoo Nohi Waaqayyoon amanatee abboomame. Inni mara isaanii fayyise. <b>(Uma. 7:23)</b></li><li>• <i>Waaqayyo isaaf akka abboomamuufi amanamu akka inni nurraa barbaadu ijoolleedhaaf ibsi. Waaqayyoon nutis yoo isa amananee fi abboomamne akkuma Nohi nuun fayyisuudhaaf kakuu nuuf galeera.</i></li></ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumuru.</b></p>
<b>BARATAAN</b>	<p>Caqasni ijoo barbaachisaa yoo ta’e barsiisuuf ibsuu - <b>Fak. 29:25</b></p>
<b>YAADACHISI</b>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Nohi Waaqayyoon akka amanate akkamitti argisisee?</li><li>• Nohi faana gara dooniittii kan seenan eenyu fa’ii?</li><li>• Roobuu osoo hin jalqabiin dura doonii keessa hangamiif turanii?</li><li>• Loolan sun ammam ol ka’ee?</li><li>• Eenyuudhaa yaaddoo /sodaa/ jalaa kan oole?</li><li>• Isatti kan amanannu yoo tane, eenudhaa sodaa /yaaddoo/ jala kan nuun olchuu?</li></ul>

### A2 Seenaa 3

#### Jalqabbii Haaraa – Seenaan Kun Haalaa Erga Lolaan Darbee Jiru Ibsa.

<b>WAL BARSII SI</b>	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Waaqayyo Nohifi maatii isaatiif jirachuuf Adduunyaa haaraa fi qulqulluu kan tate isaanif uume.</li> <li>• Waaqayyo dhiifama akka nuuf godhu yoo gaafanne jireenya haaraa fi qulqulluu nuuf kenna.</li> </ul> <p><b>Caqafama furtuu: 2Qor. 5:17</b>  <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu: Uma. 8:1-19</b></p>
<b>BAARSIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Ijoolleetti Nohifi maatiin isaa yeroo dheeradhaaf doonii keessaatti akka dabarsan itti himi.</li> <li>• Ijoollee haala doonicha keessa jiru akka yaadan carraa kenniif. Guyyaa sana guutuumaal goota turte? Hangam sitti dhaga'amee ture?</li> </ul>
<b>BARATAAN</b>	<p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumurru.</b></p> <p>Caqasni ijooon barbaachisa yoo ta'e barsisuu fi ibsuudha - <b>2Qor. 5:17 gooftaan Yesuseenyummaa keessa keenyaa jijjiiruu akka danda'u ibsaa.</b></p>
<b>YAADACHISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Doonii keessa allaattiin/simbiroon/ Nohi gara alaatti kan erge maal ture?</li> <li>• Yeroo lammaffaaf yoo ergamtu gugeen sun afaan isheetti fudhatee kan deebite maalidhaa?</li> <li>• Doonichii kan qubate eessa turee?</li> <li>• Doonii keessa akka bahan kan itti dubbate eenyuu?</li> <li>• Badiisa bishaanichaa jalaa kan oolan eenyu fa'ii?</li> <li>• Waa'ee cubbuu keenyaaf adabbii kan fudhate eenyuu?</li> <li>• Garaa qulla'aa akka qabannu maal gochuu qabnaa?</li> <li>• Jecha hiiri'ate guuti kanaafis namnii kan Kristoos yoo ta'e, uumama haaraadhaa inni ..... darbeera.</li> </ul>

## A2 Seenaa 4

### Kakuu Waaqayyo – Seenaa kun waa’ee galateeffannaa dubbata.

	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"><li>• Waaqayyo yeroo hundumaa sagalee kakuu isaa ni eega.</li><li>• Waaqayyoos Nohiifi maatii isaa hundumaa akkuma ilaale, akkasuma Waaqayyoon amanannaa isaanii warra godhatan, gonkumaa isaan akka hin baadneef kakuu galeeraaf.</li></ul> <p><b>Caqafama furtuu:</b> lak. 10:29 Ibr. 13:5 <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu:</b> Uma. 8:20-22 fi 9:7-17</p>
WAL BARSIIISI	<ul style="list-style-type: none"><li>• Ijoolleetti yeroo namni wayii tokko kakuu namaaf gale, maaltu akka isaanitti dhaga’amuu danda’u fakkeenya kenniif.</li><li>• Ijoolleen namni tokko miiltoo isaaniif waadaa yoo galuuf miira isaanitti dhaga’amu akka dubbatan godhi.</li><li>• Waadaa/kakuu/ gale kan jigse akka jiru ijoollee gaafadhu.</li><li>• Ijoolleetti Waaqayyo Kitaaba Qulqulluu keessatti, sagalee kakuu isaa namoota baayyeedhaaf akka galeef gonkuma jecha isaa akka hin jiksine itti himi.</li><li>• Ijoolleedhaan isin Waaqayyotti yoo amanatanii, isa hordoftan waadaa isaaniif gale akka hin jiksine itti himi.</li></ul>
BAARSIISI	<ul style="list-style-type: none"><li>• Nohii fi maatiin isaa badiinsa jalaa oolaniiru! Yeroo dheeraadhaaf doonii keessa kan jiraatan Nohiifi maatii isaa fi bineensonni seenanis akka doonii sana keessaa ba’an Waaqayyo isaan abboome. <b>(Uma. 8:15-19)</b></li><li>• Nohi yeroo jalqabaatiif kan taasise yoo jiraate Waaqayyo isaa fi maatii isaa bishaan badiinsaa jalaa waan oolcheefi “nan galateeffadha” jedhe! Kanas kan taasise dhagaawwan gurguddoo waliitti guuruudhaan bakka aarsaa ijaaruudhaan. Bara durii namoonni waan Waaqayyo isaaniif godheef galata kan dhiyeessan Aarsaa isaanii aarsuudhaan. <b>(Uma. 8:20-21)</b> <i>Waaqayyoon galateeffachuudhaaf jechoota akkamii fayyadamnaa? (Wantoota adda addaa kaasuudhaan ykn waraqaa irratti barreessuudhan wantoota ittiin waaqayyoon galateeffannu ibsuu dha.)</i></li><li>• Nohii fi maatiin isaa Waaqayyoon galateeffachuun isaan gammachise. Achumaan kakuu aja’ibaa isaaniif gale “yeroo lammaffaaf guutummaa lafaa bishaaniin /lolaan/ hin balleessu” jedhe. <b>(Uma. 8:21-22)</b></li><li>• Achumaan Waaqayyo waadaa/sagalee kakuu isaa wanta ittiin yaadatan isaan agarsise. Kunis immoo sabbata samiiti. Nohii fi maatiin isaa sabbata samii yeroo ilaalanitti sagalee kakuu Waaqayyoo yaadatu. <b>(Uma 9:12-13)</b> <i>Waa’ee sabbata samii halluuwwan mimmiidhagoo irratti dudubadhaa. Yeroo itti aanutti sabbata samii Waaqayyoo yeroo ilaalaan waa’ee waaqayyoo fi sagalee kakuu isaa ijoolleen akka yaadatan.</i></li><li>• Nohifi galee ni ergee? Waaqayyoon yoo amaananee akkamitti sagalee kakuu /waada/ isaa akka kabajuu ijoolleen akkaa hubatan gargaarii (caqasaa ijoo2ffaa ilaalii).</li></ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumurru.</b></p>
BARATAAN	<p>Caqasni ijooon barbaachisaa yoo ta’e barsiisuuf ibsuu - <b>Uma. 10:29, Ibr. 13:5</b></p>
YAADACHISI	<ul style="list-style-type: none"><li>• Barumsa kanan duraa keessaa waa’ee Nohif gaaffiiwwan muraasa filachuun ijoolleen waa’ee seenaa kana hangam akka yaadatan mirkaneessi.</li><li>• Seenaa Nohi yeroo barataniitti caqasa furtuu ijoolleen hubatan yaadachisi.</li><li>• Ijoolleen suura seenaa jaalatan akka kaasan ykn waan hubatan yaa barreessan.</li><li>• Gareen tokko ykn kutaa tokko suura namoota doonii keessaa ba’an ykn bineensota akkasumas aarsaa fi suura sabbata samii agarsiisu kaasi.</li></ul>

### A3 Seenaa 1

#### Yesus Phexrosiin waame – Seenaaan kun waa’ee gooftaa Yesusiin hordofuu ilaalaa.

<b>WAL BARSIIISI</b>	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Yesus hojii isaa gara funduraa fiixaan baasudhaaf warra isa wajjin hojjetan barbaada.</li> <li>• Isa wajjin hojjechuu Yesusin hordofuu fi isaaf abboomamuu barbaachisa.</li> </ul> <p><b>Caqafama furtuu: Mat. 4:19</b>  <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu: Mat. 4:18-22</b></p>
<b>BAARSIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Waa’ee miltoo ykn hiriyaa kee dubbadhu! Jalqabarratti iddoon isaan itti argaman eessa? hiriyaan maaliif barbaachisaa? Miiltoo gaarii akkamii osoo qabannee barbaanna? (Deebiin isaa, gara laafessa kan nama gargaaru, kan hin jijjiiramne ta’uu danda’a.)</li> <li>• Gooftaan Yesus miiltoowwan gaarii akka qabuu fi waa’ee isaa murasa akka barannu ibsifi.</li> <li>• Bakka isaa murteessi, tabba guddaadhaan kan marfame haroo Galiilaa guddaa tokkottuu ture. Namootni bakka sanatti qurxummii qabu, isa kana immoo akkatti akka gochaa turan ibsi (jaalbaa kiyyoo) fi k k k.f hojii baay’ee ulfaatadha.</li> </ul> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Yesus Phexrosifi obboleessa isaa Indiriyaasiin waamee. <b>(Mat. 4:18-19)</b> Phexrosifi Yohannis gooftaa Yesusiin yoo wal argatan isaani fi hangam bu’aa qabeessa akka ta’e hubadhaa. <i>Yesus qurxummi qabu dhiisanii akka isaa wajjin walii galan barbaade! Abboomiiin haara yesus namoonni hojii yesus akka beekan ta’uu ibsa. Hojii adda ta’e haaraa akkami akka hojjetaniif isaan affeere.</i></li> <li>• Deebii Phexrosiif Yohannis <b>(Mat. 4:20)</b> isaanis hojiin kun sirrii akka ta’e ifatti beekan fedhii isaanii kanas yeroo dhuma sana Yesus wajjin deemuudhan ibsani isaa kana ijjoollen akka <i>ta’utti yoo abboomaman wanta mul’atu wajjin wal dorgomsiiisuu sitti jira. Phexrosi fi Indriyaas maaltu akka isaanitti dhaga’ame (gammachuun burraaquu, gammachuu fi kan adda ta’e yoo ta’u sababni isaas Yesus waan isaan filateef). Amma ijjoolee sadarkaa 2ffaa fi duuka buutota Yesus ta’uu isaanii yommuu isaanitti himu miira itti dhaga’ame tuquun barbaachisaa dha. Kana jechuun bakka inni deemu hundumaatti isaan isa hordofu, isarraa barachuufi isaaf abboomamuudhaaf qopha’oo akka ta’an agarsiisa.</i></li> <li>• Yesus Yaaqoobi fi Yohanniisiin waame <b>(Mat. 4:21-22)</b> Guyyaa sanatti dabalataan warra qurxummii qaban 2 yoo waamu isa hordofan (sad.2ffaa).</li> <li>• <i>Gooftaan Yesus tokkoon tokkoon isaanii duuka buutota isaa akka ta’an barbaada. Nutii duuka buutota isaa yoo tane, hojii isaatti akka hirmaannu nu barbaachisa (nurraa eegama) – Kitaaba Qulqulluu keessatti waa’ee seenaa warra qurxummii qabani akkuma caaffame /dubbatame/ nutis abboomii isaatiif abboomamuu qabna. Abboomii nuuf barreefame essatti argannaa (caqasa Kitaaba Qulqulluu ibsi).</i></li> </ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumuru.</b>  <b>Agarsiisuu:</b> fakkiwwan Kitaaba Qulqulluu: Yesus duuka buutotaa jalqabaa waame.</p>
<b>BARATAAN</b>	<p>Caqasa ijoo barsiisuudhaan ijjoollen “nama kan kiyyeessan ta’u jechuun” maal akka ta’e akka hubataaniif mirkaneessi. <b>(Mat. 4:19)</b></p>
<b>YAADACHISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Walumaa galatti warra qurxummii qaban meeqa waamee Yesus?</li> <li>• Eessa ture kan isaan hojjetani?</li> <li>• Obboleessi Indiriyaas eenyu jedhamaa?</li> <li>• Kakuu yesus akka isaan ta’aniif isaanii gale maali?</li> <li>• Phexrosifi Indriyaas duuka buutotaa amanamoo Yesus ta’uu isaanii kan ibsan akkamittii?</li> <li>• Yaaqoobifii Yohannis yeroo Yesus waamu maal hojjechaa jiru?</li> <li>• Bidiruu keessaa isaa wajjin kan turan eenyufa turanii?</li> <li>• Hima kana xumuraa: duuka buutota Yesus ta’uu yoo barbaddan abboomii isa ..... qabdu.</li> </ul>

### A3 Seenaa 2

#### Yesus Phexrosiin gargaare – Seenaa kun Phexros hangam cuubbamaa akka ta'e agarsiisa.

	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Ulfinni Yesus Phexros irratti jijjirama fide.</li> <li>• Yesus ilma Waaqayyo waan ta'eef akkuma Phexros godhe, nutis ilma isaa hordofuu qabna.</li> </ul> <p><b>Caqafama furtuu: Luq. 5:10</b>  <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu: Luq. 5:1-11</b></p>
<b>WAL BARSII SI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Ijoolleen milka'oo kan ta'an maalin akka ta'e gaafadhu. Ijoolleedhaaf hundumti keenya muuxannoofi dandeetti akk qabnu yaadachiisi.</li> <li>• Phexros qurxummii qabduu gaarii ture. Inni yeroo dheeraadhaaf qurxummii kiyyeessera /qabeera/ haa ta'u malee seenaa har'aatiin Phexros milka'aa ta'uudhaaf abboomii Yesus hordofuu akka barbaachisu barateera! (Yeroo tokko tokko Simoon, Simoon Phexros akka jedhamu ibsuutu sirraa egama.)</li> </ul>
<b>BAARSIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Barumsa kanaan dura baratan ijoollee yaadachiisi. Seenaa har'aa keessatti Yesus bidiruu Phexrositti fayyadamuudhaan saba sana sagalee Waaqayyo barsiise. <b>(Luq 5:1-3)</b></li> <li>• Abboomiiin Yesus Phexros abboome. Yesus Phexros kiyyoo isaa gara galaanawalakkaatti akka darbatuufi qurxummiiwwan akka kiyyeesu abboome. <b>(Luq. 5:4-5)</b> <i>Miira Phexros ilaaluun ni danda'ama (ni barbaachisa).</i></li> <li>• Qurxummiiwwan baay'ee qabaman <b>(Luq. 5:6-7)</b> <i>qurxummii galgala qabatee fi baayina qurxummii amma qabatee wal dorgomsisi.</i> Isa kanadha Raajiin nama raajjefachisu! Uumaan qurxummiiwwan bidiruu keessatti Phexros wajjin waan tureefhumni isaa qurxummiiwwan gara kiyyoo Phexrositti akka galuu godhe.</li> <li>• Deebii Phexros <b>(Luq. 5:8-9)</b> Phexros Yesusiin eenyummaa isaa isa haaraadhan beekuu isaa ibsa. Inni akkuma Phexros nama akkasumaanii hin turre. Inni humna guutuu kan qabu, gooftaa ta'u isaa fi gama isaatti immoo Phexros cuubbamaa ta'uu isa of beeke.</li> <li>• Hojii Phexros isa haaraa <b>(Luq. 5:10)</b> Yesus Phexrosiin kana booda namoota kan qabdu sin godha jedhe! <i>Seenaa isa jalqabaa keessatti yaada bu'uuraa jiru ijoolleen hubachuu isaanii mirkaneeffadhu.</i> Amma Phexros gooftaa Yesus waan adda ta'e akka qabu waan beekeef wanta hundumaa dhiisee hordofe. <b>(Luq. 5:11)</b></li> <li>• <i>Gooftaan Yesus nuti guddumaa isaa fi humna isaa akka beeknu ni barbaada. Jireenya keenyaan isa guddisuun akkuma Phexros yoo abboomamnuu fi hordofnu jireenya keenyaan adda addumaa (gara garummaa fida).</i></li> </ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumuru.</b></p>
<b>BARATAAN</b>	<p>Caqasni ijoon barbaachisaa yoo ta'e barsiisuuf ibsuu - <b>Luq. 5:10.</b></p>
<b>YAADACHISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Yesus kan Phexros kan ta'etti kan itti dhimma ba'e maalidhaa?</li> <li>• Yesus haasawaa sabaf godhe yoo xumuru, akka Phexros godhuuf kan inni gafate maal ture?</li> <li>• Phexros yeroo xumuraatiif qurxummii kan qabe yoom ture?</li> <li>• Phexros qurxummii baayinaan qabamuu yoo ilaalu akkamitti gargaarsa gafatee?</li> <li>• Yesus ilma Waaqayyo ta'uu isaatiin maqaan /gochi/ adda ta'e inni godhe maal turee?</li> <li>• Phexros Yesus funduratti maaliif jilbeeffatee?</li> <li>• Qurxummileen baayinaan qabamuu isaanitti kan aja'ibsifate namni inni biraan eenyu turee?</li> <li>• Kana booda Yesus maal hojjetta jedhee?</li> <li>• Xumuraa seenaa kanarratti Phexrosi fi hiriyoonni isaa maal godhanii?</li> </ul> <p><b>Ibsiifi:</b> Mana barumsaa keessatti barnoota seenaa keessatti barreessituu, waraqaa fi maqasii, bakka jiranitti kan barsiiftu yoo taate, tokkoon tokkoon barataan suura qurxummii kaasee yaakukutu. Qurxummiiwwan hundinuu kan muldhatani fi seenaa sana yaadachisuudhaa fi ibsa barbaachisa. Fakkeenyaaf gooftaan Yesus Phexros qurxummii hedduu akka qabatufi akka inni gargaaree dha.</p>



### A3 Seenaa 3

**Yesus qilleensa jabaa gab gochuu isaa – Seenaan kun kan agarsiisu waa’ee humna gooftaa Yesus dubbata.**

<b>WAL BARSII SI</b>	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Yesus qilleensa jabaa kana gab gochuu kan danda’e ilma Waaqayyo waan ta’eefi.</li> <li>• Nutis gooftaan Yesus ilma Waaqayyo akka ta’e amanuu qabna.</li> </ul> <p><b>Caqafama furtuu: Mat. 8:27</b>  <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu: Mat. 8:23-27</b></p>
<b>BAARSIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Amalaa qilleensaa ijoollee beekan wajjin wal qabsiisuun (firoomsuun) haala kana irratti dudubadhaa. Roobni ulfaataan yommuu roobu maaliif, amalli qilleensaa ariitiin /daddafee/ jijjiiramaa.</li> <li>• Amalli qilleensaa akkamitti adeemsa bishaanii irratti akka nama jeequufi, waa’ee dhiibbaa qilleensaa irratti duddubadhaa. Seenaa har’aatiin duuka buutotni Yesus haroo Galiilaa irratti qilleensaan akka muddamanidha.</li> </ul> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Callisuun ta’e. haala callisa qilleensaa agarsiisi – yeroodhuma sana Yesusiin irribni qabe <b>(Mat. 8:23-24)</b>.</li> <li>• Qilleensi jabaan: yeroodhuma sana qilleensa baay’ee nama naasisu bidiruu raasuu jalqabe. Duuka buutonnii sodaatani <b>(Mat. 8:24)</b> haala isaa gadii fageenyaan ibsiitii, waca, qilleensaa gara bidiruu dhufe, bishaan bidiruu keessaa yaasuuf yaalii ...</li> <li>• Yaaddoon duuka buutota, guutummaatti ni liqimsamna jedhanii baay’ee sodaachuu isaanii ibsaaf. Ariitidhaan Yesusiin dammaqsudhaan akka isaan oolchuuf gaafatani, abboommii yeroo sana ilaalaa. <b>(Mat. 8:25)</b> Yesus amantii dhabuu isaanitiin baay’ee gadde, <i>amantii jechuun isatti amanachuu ta’uu isaa ibsiif.</i> <b>(Mat. 8:26)</b></li> <li>• Humni Yesus achumaan qilleensicha gab godhe. <b>(Mat. 8:26 / Mar. 4:39)</b> <i>Irratti immoo qilleensi jabaan sun yeroodhuma sana guutumaan guutuutti cal jechuu isaaf xiyyeefannoo kenne.</i></li> <li>• Aja’ibsifannaa duuka buutotaa <b>(Mat. 8:27)</b> <i>bubbeefi qilleensa irratti aabboo Yesus qabu erga hubatanii booda inni isaanirraa adda akka ta’e akka beekan ibsa godhiif.</i></li> <li>• <i>Ijoolleen Yesus maaliif qilleensicha akka caal jechisiise hubachuu danda’uu isaanii mirkaneessi. Inni waan hundumaa kan uume ilma Waaqayyootti.</i></li> <li>• <i>Inni wanta adduunyaa keessa jiru hundumaa irratti fi jijjiirama qilleensaa irrattillee aangoo/aaboo/ qaba. Jireenya isaani irratti muudannoon tasa isaan irratti yoo ta’ee jiraatee iyyuu ijoolleen Yesus waan hundumaa to’aachuu danda’uu isa akka yaaddatan jajjabeessi.</i></li> <li>• <i>Inni ilma Waaqayyo isa dhugaa akka ta’e amanutu nuuf ta’a.</i></li> </ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumurru.</b>  <b>Agarsiisuu:</b> suura bilisaa Kitaaba Qulqulluu: Yesus qilleensaa jabaa gab godhee.</p>
<b>BARATAAN</b>	<p>Caqasni ijoon barbaachisaa yoo ta’e barsisuu fi ibsuudha - <b>Mat. 8:27</b></p>
<b>YAADACHISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Seenaan kun kan Raawwate eessattii?</li> <li>• Gara bidiruu yeroo duraaf kan seenee ture eenyuu?</li> <li>• Qilleensi yeroo ka’u bubbeen maal godhee?</li> <li>• Qilleensi yeroo ka’uu Yesus maal hojjechaa turee?</li> <li>• Duuka buutotni Yesusiin maaliif dammaqsanii?</li> <li>• Yesus maaliif isaanitti gadde turee?</li> <li>• Yesus kan inni cal jechisiise/dhaabe/ wantotni lamaan maal fa’ii?</li> <li>• Caqasni ijoon kan argamu eessattii?</li> <li>• Duukaa buutuun kamillee dhaabuu kan dadhabe qilleensicha Yesus maaliifi dhaabee?</li> <li>• Hojii aja’ibaa Yesus hojjeteef maqaan kennameef maaliidhaa?</li> </ul> <p><b>Hojjiirra oolchi:</b> seenaan kun barattoota 12 bidiruu keessa jiraaniin diiramaa hojjetamu yoo ta’u, warreen kaan immoo sagalee bubbeen sun dhagessisu dhaga’uu danda’u. Geggeessaan dargaggoo ijoolleen gochaa hundumaan jijjiiruudhaan abboommi sirrii dubbachuu hangadanda’anitti seenaa kana ni dubbisaaf.</p>

### A3 Seenaa 4

#### Yesus Phexrosiin oolche – Seenan kun waa’ee kadhata Phexros isa gabaabaa agarsiisa.

<b>WAL BARSII SI</b>	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Yesus kadhannaa gabaabaa Phexros dhaga’ee isa oolchee /fayyisee/.</li> <li>• Fayyuudhaaf gooftaan Yesusitti amanuu qabna.</li> </ul> <p><b>Caqafama furtuu: Mat. 14:33</b>  <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu: Mat. 14:22-33</b></p>
<b>WAL BARSII SI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Nama tokko wajjin hanguma turru, waa’ee nama sanaa baay’ee akka beeknu ibsii. Ijoolleen hanga ammatti waan Phexros barate akka hubataan gargaari.</li> <li>• Yaada isaanii akka kennaniif chaartiin guddaan yoo jirate galmeessu, fkn Yesus ilma waaqayyoo ta’uu, waan raajii akka hojjetu, bishaan (galaana) irratti aaboo akka qabu ibsi.</li> <li>• Seenaa har’aatii Phexros waa’ee Yesus waan hedduu barachuu isaa ilaalla.</li> </ul>
<b>BAARSIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Yesus kophaa isaa kadhannadhaaf gara booddeetti yoo hafu, duuka buutonni bidiruudhaan ce’an (<b>Mat. 14:22-33</b>) <i>jireenya Yesus keessatti barbaachisummaa kadhataa ibsa.</i></li> <li>• Qilleensa (<b>Mat. 14:24</b>) <i>seenaa qilleensaa torban darbe yaadachudhaan seenaa kana ibsi.</i> Yesus duuka buutonni isaa rakkina irraa jiraachuu isaani beekke halkan walakkaa gara isaani dhufe (<b>Mat. 14:25-27</b>) <i>duuka buutotatti waan dhaga’ameef waan yaadanibsi. Abboommii jajjabinaa Yesus ilaalaa.</i></li> <li>• Gaaffii Phexros: Phexros dhuguma Yesus ta’uu isaa gaafate erga mirkaneeffatee booda, innis bishaan gubbaa deemuu akka danda’u gaafate! Yesus “koottu” yoo jedhuun Phexros bidiruu keessaa ba’ee gara Yesusitti deemuu jalqabe. (<b>Mat. 14:28-30</b>) Phexros ija isaa Yesus irraa kaasee humna qilleensichaa hanga ilaaluutti wanti hundinuu nagaa ture! Liqinfamuu jalqabe!</li> <li>• Yesus Phexrosiin oolche: Phexros yeroodhuma sana Yesus akka isa oolchuuf waamuu isaa ilaalaa (<b>Mat. 14:30-32</b>) booda immoo lamanuu gara bidiruutti yeroo galan qilleensi cal jedhe. Wanta ta’e kanatti deebiin duuka buutotaa maal akka ta’e ibsi. (<b>Mat. 14:35</b>)</li> <li>• <i>Phexros liqinfamuu jalaa akka isa oolchu barbaadee. Cubbuun jireenya keenyaan hojjenne jalaa fayyuu ni barbaanna. Isa kanas immoo nuuf gochuu kan danda’u gooftaa Yesus qofadha! Yesus fannoo irratti yeroo du’etti adabbii cubbuu keenyaa nurraa fudhate. Kanaafuu isa galateeffachuu qabna.</i></li> </ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumuru.</b>  <b>Agarsiisuu:</b> suura Kitaaba Qulqulluu bilisaa: Yesus bishaan gubbaa deeme.</p>
<b>BARATAAN</b>	<p>Asni ijooon barbaachisaa yoo ta’e barsiisuuf ibsuu - <b>Mat. 14:33</b> <i>sagadaniif jechuun maal jechuu akka ta’e ibsi. Duuka buutonni waa’ee Yesus waan baratan irraatti garan isaan gammachudhaan guutaman. Bakka kam iyyuu ta’anii gooftaa Yesusiin namoonni jaalatan hundinuu garaa isaanii guutuudhaan jechuun kan qaban hima kana dha.</i></p>
<b>YAADACHISI</b>	<p>Gilgaala 3 A bu’uura godhateen seenaa ibsaman irratti kaardiin dabalataa ni jira yoo ta’e qurxummiwwan hanga garagaraa qaban kiyyeessuu dandeessa. Gaaffiwwan kana yommuu deebisan ijoollee agarsiisaa fuldura irratti qurxummii qabu. Tokko tokko qurxummii dhimma baay’ee barreeffannu qabu. Garee lama ta’udhaan tokko tokkon isaaniif yaada dabalataa kaa’i.</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Seenaawwan kun hundinuu kan raawwatame eessatti?</li> <li>• Caqasa itti aanu guutaa “booddeeko koottaa ...”</li> <li>• Yesus abboommii kana kan dubbate eenyutti turee?</li> <li>• Phexros qurxummiwwan hedduu kiyyeessuu erga argee booda maal godhee ture?</li> <li>• Caqasa itti aanu guutaa “kun amala nama akkamittidhaa .....”</li> <li>• Gooftaan Yesus gara tulluutti kan ba’e maaliif ture?</li> <li>• Duuka buutonni baay’ee akka sodaatan kan isaan godhe /taasise/ maal ture?</li> <li>• Seenaa kana keessatti Phexros waa’ee Yesus wanti inni barate maaliidhaa?</li> </ul>

## A4 Seenaa 1

### Phexrosiin irribni qabe – Seenaan kun gooftaan Yesus abbaa isaa kadhachuu isaa agarsiisa.

	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Jireenya gooftaa Yesus keessatti kadhanni dhimma ijoo /bu'aa qabudha/.</li> <li>• Nu'iif kadhaachuun keenya bu'aa keenya.</li> </ul> <p><b>Caqafama furtuu: Yoh. 15:14</b>  <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu: Mat. 26:36-46</b></p>
<b>WAL BARSII SI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Ijoolleetti waan isaanitti ulfaatuu dubbadhu. Fkn figicha wal dorgommii xumuraa irratti godhamu, yeroo dheeraadhaaf yaada walitti qabani dhageeffachuu, ta'ii adda erga tureenbooda isaa dammaqinaan eegachuu.</li> <li>• Seenaa har'atiin Phexros gargaarsa adda ta'e miiltoo isaa Yesus irraa akka barbaadu ni baranna. Mee Phexros waan Yesus isa gaafate hojjechuu akka danda'u haa qorrannu!</li> </ul>
<b>BAARSIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• <i>Seenaa walii gala kana ibsi.</i> Yesus yeroon inni fannoo irratti du'u dhiyoo akka ta'e beeke. Barattoota faana irbata isa xumuraa nyaateera. Yesus rakkoo gara funduraatti isarra ga'u abba isaa fulduratti kadhataan dhiyaachuun hangam barbaachisaa akka ta'e beeke. Duuka buutota yeroo mara bakka kadhatutti gara dhaabaa biqiltuu sanatti fudhateedhaqe. Galgala sana miiltoon isaa sadaan Phexros, Yaaqoob fi Yohaannisfudhachuudhaan akka ilaalaaniifi wajjin akka kadhatan godhe.</li> <li>• Yesus Phexros Yaaqoob fi Yohaannis dammaqanii akka eegan abboome (<b>Mat. 26:36-37</b>) Yesus xiqqoo irraa siqe abbaa isaa kadhate. <i>Yesusitti maaltu akka itti dhaga'ame ibsaa. Kadhanni isaa kan agarsiisu waan hundumaan abbaa isaa gammachisuu dha (Mat. 26:38-39)</i> yeroodhaan booda Yesus Phexrosifi warreen kaan rafanii arge. <b>Baayyees gaddeeture. (Mat. 26:40-41)</b></li> <li>• Yesus yeroo 2ffaadhaf yeroo dhufuu miiltoonni isaa rafanii isaan arge. (<b>Mat. 26:42-43</b>)</li> <li>• Yesus yeroo 3ffaattii kadhatee yeroo dhufu ammas rafaniiru. Phexrosi fi warreen kaan immoo akkamitti Yesusiin akka ganani irratti mari'adhaa. <i>Mataa isaaniitti akka ta'utti yeroo kadhachuu qabanitti haala rakkisaa kanarratti hin kadhanne. (Mat. 26:44-45)</i></li> <li>• Yeroo sanatti diinotini Yesus isa qabachuuf dhufan. (<b>Mat. 26:45-46</b>)</li> <li>• <i>Walummaa galatti kadhanni nuuf Waaqayyo irraa humna argachuufi qormaata darbuudhaaf ni fayyada. Haalota ijoollee faana wal qabatuun fakkeenya ilaalaman kennuu ni danda'u.</i></li> <li>• <i>Phexrosifi warreen kaan Yesusiif yoo abboomamuu baatanis "inni dammaqaakadhaadhaa" jedhe. Abboomii isa kabaja.</i></li> <li>• <i>Akka duuka buutuu sana Yesus nu hin gatu. Inni kadhannaan isaa gara fannootti kandeemuufi nuufis du'uun humna ta'e.</i></li> </ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumuruu.</b>  <b>Agarsisuu:</b> suura Kitaaba Qulqulluu bilisaa: Yesus Getesamen bakka dhaabaa biqiltuutti kadhate.</p>
<b>BARATAAN</b>	<p>Caqasni ijoo barbaachisaa yoo ta'e barsisuu fi ibsuudha - <b>Yoh. 15:14</b> miiltoo /hiriyya/ Yesus ta'uun carroomuu akka ta'e ijoolleen akka beekan isaan gargaari.</p>
<b>YAADACHISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Yesus kan kadhate Eessatti?</li> <li>• Barattoota isaan kam faana kadhachuuf kan deeme?</li> <li>• Yesus kan kadhate waa'ee maaliiti?</li> <li>• Yesus yeroo kadhatu miira akkamiitu itti dhaga'amaa ture?</li> <li>• Yesus yeroo duraatiif sa'atii meeqaaf kadhate?</li> <li>• Baratoonni maaliif kadhachuu dadhabanii?</li> <li>• Yesus yeroo meeqaaf akka kadhatan isaan gaafatee?</li> <li>• Yesus kadhata isaa erga xumureen booda maaltu raawwatee?</li> <li>• Caqasni ijoo kan argamu eessattidhaa?</li> <li>• Yesusiif yoo abboomaamne maal nuun jedhaa?</li> </ul>

## A4 Seenaa 2

**Lolaa Phexros – Seenan kun Yesus yoo qabamuu maaltuu akka rawwatuu kan agarsiisuudhaa.**

	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Yesus warri isa barbaadan akka isa qabataniif nuuf du'uudhaaf of qopheese.</li> <li>• Haala bultoo keenya rakkisaa keessatti aarii dandamachuu ni dandeenya.</li> </ul> <p><b>Caqafama furtuu: Efe. 4:26 Dubbisa</b>  <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu: Mat. 26:47-56</b></p>
<b>WAL BARSIIISI</b>	<p>Bakka dhaabaa biqiltuu sana gochaa seenaa isaa irra deebi'ii ibsi. Phexrosi fi miiltoowwan isaa akka Yesus isaan abboometti kadhachuu hin dandeenye. Yeroon rakkisaan isin muudachuu danda'a. Itti fuftanii maal gootuu laata?</p>
<b>BAARSIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Haala qilleensaa ta'ii kana suura kaasi. Yeroo dukkanaafi callisaa, yeroo dhuma sana garuu loltonnii hedduun deemsi miila isaanii dhaga'ame. Amma Phexrosifi miiltoo isaatti maaltu itti dhaga'ama ta'ina?</li> <li>• <i>Yeroo dhuma sana Yihuudan saba diina sana keessaa ba'ee gara Yesus dhaqee dhungate. Yihudaan eenyu akka ta'eefi loltoonni Yesusiin akka beekan mala godhame sana maal akka ta'ee ibsaa. Ganuu jechuun maal jechuu akka ta'e ibsaa (sadarkaa 2ffaa yeroo Kitaaba Qulqulluu). ( Mat. 26:47-50)</i></li> <li>• Phexros Yesus qabamuu isaa yoo mirkaneeffatu baay'ee aaruun namoota sana keessaa isa tokko faana wal-lole. <b>(Mat. 26:51)</b> <i>Hundi keenya akkuma Phexros salphaa dhumatti aaruu ni dandeenya. Ijoolleen garee keessa jiran tokko ykn lama ta'iiwwan gara garaa ka'iiif. Yeroo dhuma sana yesus Phexros albee isaa akka deebisu godhe. WantiiYesus irratti godhame hundumtuu qaama karoora Waaqayyo waan ta'eef Yesus Phexros akka isarraa hin dhorkine barbaaduu isaa ibsi. Yesus diinoonni isaa akka isa qabataniifi du'atti akka isa kennan fedhe /isaaniif eeyyame/. Gocha kana keessa kandarbe nuuf jedheeti. Garaa garummaa Yesuus garaabbaa isaatti erga kadhateen booda caal jedhe. Phexros waan Yesus akka inni ta'uuf barbaadu ta'uu kan dadhabeefi kadhachuu waan dadhabeefidha. (Mat. 26:52-56)</i></li> <li>• Duuka buutonni abdii kutatanii Yesusiin dhiisani akka deeman (baqatan) mari'adhaa. <b>(Mat. 26:56)</b> <i>Phexros qofaa isaa Yesus duuka bu'uu yoo yale iyyuu tarii nan qabama jedheesodaachuu isaatin fagoo irraa ni hordofaa ture! Phexros akkamitti akka isaan hin argine akka taasise ijoolleen akka hubataniif isaan gargaari. (Mat. 26:58)</i></li> <li>• <i>Kan gooftaa Yesus erga taanee akka hin aarreefi ofii keenya akka of-to'annu akka inni nun gargaaruuf kadhata haa gaafannu. Kristaanota keessaa kan bule ykn jiraatu Afuurrii Qulqulluun amala barbaachisaa ta'e akka nuti qabaannuf humna nuuf ta'a. Osoo hin aariinii fi wal hin rukutiin wanta nagaan xumuramu dnada'u irratti yeroo tokko dudubbadhaa.</i></li> </ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumuru.</b>  <b>Argisiisuu:</b> fakkii Kitaaba Qulqulluu bilisaa - Yesus bakka dhaabaa biqiltuu Getesamenitti kadhata.</p>
<b>BARATAAN</b>	<p>Caqasni ijoon barbaachisaa yoo ta'e barsiisuuf ibsuu - <b>Efe. 4:26</b> kan aartu yoo ta'e ariitiidhaan keessaa ba'ii!</p>
<b>YAADACHISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Diinota Yesus wajjin gara bakka dhaabaa biqiltuu kan dhage eenyudha?</li> <li>• Yihuudan Yesus ta'uu isaa akkamitti agarsiisee?</li> <li>• Yeroo Yesus qabamutti Phexros maal irra ga'ee ture?</li> <li>• Qaama keessaa isa kamidha kan Phexros kute?</li> <li>• Yesus Phexros maal akka godhuufi kan itti dubbate?</li> <li>• Kristaanonni aarii akkamitti dandamatuu?</li> <li>• Yesus si'a qabamu baratonnii maal godhuu ture?</li> <li>• Yesusiin fageenyarraa kan hordofu eenyuu?</li> </ul> <p><b>Hojiirra oolchi:</b> namootni geggeessitonni si'a tokko ykn lama irra deddeebi'an yoo aaran armaan olitti kan caqafame kan godhan ta'uu qabu.</p>

### A4 Seenaa 3

#### Gannu Phexros – Seenaan kun waa’ee dhiifamaa dubbata.

WAL BARSII SI	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Yeroo tokko tokko ija jabaachuu waan dadhabneefi hiiriyaa keenya ni ganna /dhiifna/.</li> <li>• Gooftaa Yesusiin hordofuu yoo dadhabne iyyuu inni dhiifama nuuf gochuudhaaf fedha qabeessadha.</li> </ul> <p><b>Caqafama furtuu: Far. 51:7 Dubbisa</b>  <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu: Mat. 26:69-75</b></p>
WAL BARSII SI	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Namoota sagalee isaanittin akkamitti akka isaan kadhannu dubbadhu. Ijoolleen bilbilatti fayyadamuuf muuxannoo yoo qabatan eenyu faana akka dubbatan eenyumti illee osoo isaanitti hin himiin ni beeku. Sagalee dubbii isaanii akkamitti akka jijjiiramu dubbadhu. Biyya jirturraa fakkeenya muraasa kennuu ni dandeesa.</li> <li>• Seenaa torban darbe wajjin wal qabsiisii Ijoolleen Yesusiin akkamitti akka qabataniif duuka buutonni isaa dhiisanii akka baqatan yaadachisi. Phexros garuu Yesus maal irra akka ga’e beekuu barbaade.</li> </ul>
BAARSIISI	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Phexros hanga mooraa dallaa angafa lubaatti deeme <b>(Mat. 26:69)</b> <i>mooraan dallaa sun manaan allatti ta’uu isaa ibsi. Yoo danda’ame ijoolleedhaaf haalaa galuun mooraa dallaa sana fakkeenyaan agarsiisi. Haalasaa suura kaasaa, galgala qabana’aa, ibida egdotafi hojjetoota.</i></li> <li>• Intalli hojjetuun sun Phexros waan hin beeknef warreen kaanitti Phexros Yesus wajjinta’uu isaa itti himte. Phexros intalli waan dubbattu hin beeku jedhe. <b>(Mat. 26:69-70)</b> <i>Phexros kan dubbate soba akka ta’e ijoolleen akka beekan taasiisi. Inni akka gaariitti Yesus wajjin ture! Phexros maaliif soba akka dubbate tilmamuun barbaachisaadha.</i></li> <li>• Phexros gara alaatti erga ba’een booda intalli biraanis isa beekte. Phexros immoo yesusiin hin beeku jedhee <b>(Mat. 26:71-72)</b> <i>sadarkaa 2ffaa “ganuun” maal akka ta’e ijoolleedhaaf ibsi.</i></li> <li>• Yeroo Xiqqoon booda, namni wayii (tokko) Phexros akka hordoftoota Yesusitti dubbata jedhe Yaada kaase, (Phexros akkuma Yesusiif hordoftoota isaa namoota Galilaati. <i>Isa kana ragaa seensaa irratti dubbatte Wajjin wal qabsiisii.</i>) <i>Phexros akkamitti akka hammaameefi jeeqame Yesusiin si’a sadii gane ibsi.</i></li> <li>• Yeroo lukkuun iyyitu waan yesus dursee jedhe Phexros yaadate. <b>(Mat. 26:34)</b> <i>Phexros maaliif baay’ee akka itti dhaga’ame ibsi. (Mat. 26:74-75)</i></li> <li>• <i>Phexros dogongora hojjechuu isaa ibsi. Duuka buutuu Yesusidha jedhee dubbachuuf ija jabna waan hin qabneefi soba dubbate.</i></li> <li>• <i>Wanta nuti dubbannee fi hojjenerratti yeroon Gooftaan dhufu ni jira. Yoo nuti dhiifama gaafanne Gooftaan keenya Yesus balleessaa keenyaaf dhiifama nuuf godha. Inni dhiifama cubbuu gochuuf aangoo ni qaba sababni isaa Inni cubbuu keenyaaf fannoo irratti du’e.</i></li> </ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumuru.</b>  <b>Argiisiisuu:</b> suuraa Kitaaba Qulqulluu bilisaa - Phexros Yesusiin ganee /dhiisee/.</p>
BARATAAN	<p>Caqasni ijoon barbaachisaa yoo ta’e barsisuu fi ibsuudha <b>Far. 51:7</b> barsiisuudhaan ibsii. Kun waa’ee kadhataa ta’uu isaa ibsi. Yesus Kristosiin waa’ee cubbuu keenyaaf dhifama yoo gaafannu inni nu qulleesse guutumaatti qulqulluu akka nu taasisu dubbata. Cabbiin irra kan addatu! Barbaachisaa yoo ta’e cabbiin maal akka ta’e ibsa godhi.</p>
YAADACHISI	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Phexros eegaa kan ture eessattidhaa?</li> <li>• Phexrositti kan dubbate namni calqabaa eenyuu?</li> <li>• Phexros Yesusiin hin beeku kan jedhe yeroo meeqaffaa dhafii?</li> <li>• Phexros soba kana maaliif dubbatte?</li> <li>• Phexros korman lukkuu yoo iyyuu yeroo meeqaffaatti dhaga’ee?</li> <li>• Lukkuun iyyuu isaa yoo dhaga’u maaltu itti yaadatamee?</li> <li>• Phexros maaliif boo’ee?</li> <li>• Yesus Kristosiin yoo gannu (dhifnu) maal goonaa?</li> </ul>

#### A4 Seenaa 4

### Jaalala Phexros – Seenaan kun dudubbii Yesusiifi Phexros godhan kan agarsiisudha.

	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Phexros jaalala Yesusif qabu akka ibsuuf carraan biraa kennameef.</li> <li>• Gooftaan Yesusiin akka jaalannu ni barbadama.</li> </ul> <p><b>Caqafama furtuu:</b> Yoh. 4:19  <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu:</b> Yoh. 21:1-19</p>
<b>WAL BARSIIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Jalqabamuma irratti ijoolleen seenaa Phexros kan dhaga’an gaafadhu. Yeroo jalqaba Yesus waamu hojiin Phexros maalidhaa?</li> <li>• Kana booda wantonni hedduun jijjiiramuu isaanii ibsi. Phexros miiltoo Yesus isa adda yoo ta’u yesusiin immoo gane (seenaawwan isa jalqabaa yaadadhaa).</li> <li>• Yeroo murasaan booda Yesus fannoo irratti fannifamee yoo du’u iyyuu deebi’ee du’aa ka’ee haala tasaan laman Yesus duuka buutotatti mul’atee jiraataa akka ta’e agarsiise! Kun godhame guyyaa tokko booda phexiros gara qurxummii kiyyeessuu hojii isaa isa duraatti deebi’uuf murteesse.</li> </ul>
<b>BAARSIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Barattoonni halkan guutuu qurxummii barbaadaa yoo bulan iyyuu homaa hin arganne! <b>(Yoh. 21:3)</b> <i>Maaltu isaanitti dhaga’aman (dadhabbi, beela, abdi kutachuu) walumatti tuquun ni barbaachisa.</i></li> <li>• <i>Haala qilleensa isaa kaasi. Aduu ganamaa, namni wayii bishaan bukkee (qarqara) dhaabatee barattootaf keessumaa sana gidduutti seenaa ta’uu ilaali. (Yoh. 21:4-6)</i></li> <li>• Gorsa keessumaa (gooftaa) yoo dhaga’an qurxummii hedduu kiyyeeffatanii (153) qabatan. Yeroodhuma sana Yohannis keessumaan kun Yesus ta’uu hin oolu jedhe. Phexros immoo baay’ee raajefatee, gara bishaaniitti utaalun gara isaa deeme. <b>(Yoh. 21:7-8)</b></li> <li>• Yesus isaan wajjin ciree nyaate <b>(Yoh. 21:9-14)</b> <i>qarqara galaanaa (bishaanitti) gonkuma wanti isaan hin egne Yesus isaan ciree nyaachuu isaatiin hangam adda akka ta’etilmamaa.</i></li> <li>• Cireedhan booda Yesus Phexros faana dubbate. Phexros akka isa jaalatu yeroo sadi gafate <b>(Yoh. 21:15-19)</b> <i>kun immoo Phexros hangaam akka fayyaduu ibsa godhaa. Phexrosiif dhiifama godhuun isaa gooftaan Yesus hojii adda ta’e isaaf akka qabu agarsiisa. Sadarkaa 2ffaa Phexros ganuu isaan funduran faallatti jaalala isaa yeroo sadi akkamitti Yesusiif akka ibse ijoolleedhaf ibsi.</i></li> <li>• <i>Jaalala gooftaa Yesusiif qaban akka ibsan gaafadhu.</i></li> <li>• <i>Gooftaa Yesus Phexrosiin gaafate kan jedhamuun akkamitti deebisuun danda’amaa? Tokkoon tokkoon keenya Yesusiin akka jaalannuuf.</i></li> <li>• <i>Waaqayyo nu jaallachuu isaatin ilmi isaa akka nu fayyisuuf nuuf erge. Deebiiin keenyas isa jaalachuu ta’uu qaba.</i></li> </ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumuru.</b>  <b>Agarsiisuu:</b> fakkii bilisaa Kitaaba Qulqulluu: Yesus baratoota isaatti Galiilaatti mul’ate, Phexros immoo ni qore.</p>
<b>BARATAAN</b>	<p>Caqasni ijoo barbaachisaa yoo ta’e barsiisuuf ibsuu - <b>1Yoh. 4:19</b></p>
<b>YAADACHISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Yeroo meeqaafiidhaa Phexrosifi hiriyoonna isaa qurxummii qabuudhaaf kan deeman?</li> <li>• Kallattii kamiin ture kiyyoo isaanii akka darbataniif kan isaanitti dubbate?</li> <li>• Quurxummiwwan meeqa qabatani?</li> <li>• Yeroo duraattif Yesus ta’uu isa kan mirkaneeffate eenyudhaa?</li> <li>• Yeroo duraatiif Yesusiin simachuudhaaf kan murteesse eenyuu?</li> <li>• Gara bishaanitti osoo hin utalin dura Phexros maal godhee?</li> <li>• Eenyudhaa kan ciree hojjetaa ture?</li> <li>• Ciree isaanii maal nyaatanii turan?</li> <li>• Gaaffiwwan sadan Yesus Phexrosiin gaafate maal fa’adhaa?</li> <li>• Caqasni ijoo isaa eessatti argamaa?</li> </ul> <p><b>Hojii irra oolchi:</b> seenaawwan kana sadan gara gochaatti akka seenan taasisi (fkn qurxummiigabu, bishaan maddiitti keessumaa ilaaluu, gara bishaanitti utaaluu, qurxummiwwan gurguddaa harkisuu, qurxummii lakka’uu) fi ilaalcha fuula (mufannaa, raajeffannaa, gammaduu...) ijoolleedhaaf dubbisa Kitaaba Qulqulluu dubbisuun bu’aa qabeessa kan godhu yoo ta’u gocha murasa salphaan bakka barbachisutti fayyadamuun barbaachisaa dha.</p>

## A5 Seenaa 1

### Abraam naannoo isa gad-dhiise – Seenaan kun Abraam Waaqayyoon Amanaachuu isa agarsiisa.

	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"><li>• Abraam Uriin gadi dhiisee gara bakka haaraa yeroo deemeetti Waaqayyoof abboomame.</li><li>• Waaqayyoof abboomamuu keenyaan amanamummaa keenya agarsiisuu qabna.</li></ul> <p><b>Caqafama furtuu: Fak. 3:5 Dubbisa</b> <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu: Uma. 12:1-9</b></p>
<b>WAL BARSII SI</b>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Amma dandeetti hubannaa ijoolleetin waa'ee jijjiirraa manaa dubbadhuu.</li><li>• Waa'ee biyya fagoo biraa jiraachuun hangam sitti dhaga'amaa? Gammachuu? Dhiphina? Gadda? Sababa isaa kenni.</li><li>• Abraamiin beeksiisuudhaan jireenya isaatti magaalaa Ur keessatti maal fakkaataa akka ture ibsa godhi. Maatii isaa, hiriyoota, mana, beeledoota, qabeenya, ... bultoo gaarii qaba ture!</li></ul>
<b>BAARSIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Gaaf - tokko waaqayyo Abraamiin akkana jedhe "manakee dhiiftee garan lafa ani si'agarsiisuu deemii" Jedhee (<b>Uma. 12:1</b>). <i>Wanta Waaqayyo Abraamiin gaafate keessaa inni ulfaataan maalidhaa? (Jireenya gaarii mana isaa keessaa dhiisuun / garamittiakka deemu wallaaluu.)</i></li><li>• Waaqayyo Abraamiif kakuu gale (<b>Uma. 12:2-3</b>) <i>kakuun Waaqayyo hundinuu gaariyakka ta'e ibsi. Fkn maqaa guddaafi saba guddaan, Abraamiin eebbisuu barbaade, Waaqayyo yoo nama eebbisu, garuummaa isaa ni agarsiisa.</i></li><li>• Abraam Waaqayyoof abboomame (<b>Uma. 12:4</b>) <i>Abraam abboomamuu isaa maaliinbeekna? (Sagalee kakuu Waaqayyo / Waaqayyoon amanuu.)</i></li><li>• <i>Abraam eenyu akka ta'e ibsaa. Haadha mana isaa soora, Loox ilma obbooleessa isaatajaajiltootaaf karaa kan qajeelchu Waaqayyo dha. Lafa onaa keessaa akkamitti akka galan adeemaanif godoo isaanii keessa yeroo dheeraa akka jiraatan ibsaa.</i></li><li>• Dhuma irratti Abraam Kana'aan ga'e. (<b>Uma. 12:6-9</b>)</li><li>• <i>Amma Abraamitti maaltu dhaga'amaa? Iddoon Arsaa Waaqayyoof hojjete mallattoo galataa dhiyeessaa ibsi.</i></li><li>• <i>Waaqayyotti yoom amanachuu akka qabnu sirritti (akka ta'utti) dubbadhu.</i></li><li>• <i>Kana jechuun waaqayyon guutuuman guutuutti itti amanuu akka qabnu ibsi. Karaa keenya ykn hojii dandeetti keenyan hojjennu isaaf kennuu qabna.</i></li></ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumuru.</b> <b>Argisiisuu:</b> Suura bilisaa Kitaaba Qulqulluu: Abraam gara Kanaa'aanitti socho'e.</p>
<b>BARATAAN</b>	<p>Caqasni ijoon barbaachisaa yoo ta'e barsiisuu fi ibsuudha - <b>Fak. 3:5</b>. Abraam maal akka hojjete ibsi. Yaada isaa guutuun Waaqayyoon amanate malee karaan isa yoo wal qixheetumiti.</p>
<b>YAADACHISI</b>	<p>Kanaa gadi irratti kan tarreeffame, Eeyyee /miti/ jechuun himoota armaan gadii irra deebi'uun seenaa jedhame sana kaayyoo barumsichaaf itti fayyadamuun ni barbaachisa. Gilgaalli isaaskunooti!</p> <ul style="list-style-type: none"><li>• Waaqayyo Abraamitti dubbate.</li><li>• Beela irraa kan ka'e Abraam biyya isaa dhiisee baqate.</li><li>• Waaqayyo Abraam eebbisuudhaf kakuu galeef.</li><li>• Abraam biyya isaa yoo gadi dhiisu umurii isaa 70 dha.</li><li>• Abraam eessa akka deemuu ni beeka.</li><li>• Abraam ilma Looxii jedhamu qaba ture.</li><li>• Waaqayyo Abraam gara Kana'aanitti geggeesse.</li><li>• Abraam mana haaraafi biyyaa haaraa jirate.</li><li>• Abraam Waaqayyoof abboomamudhan amaname.</li><li>• Waaqayyoof akka abboomamnuufi amanannu ni barbaada.</li></ul>

## A5 Seenaa 2

### Abraamiifi Loox – Seenaan kun Loox amala of jaalachuu isaa dubbata /agarsiisa/.

	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Looxii of jaalachuu isaa kan agarsiisuufi filannoo gadhee /badaa/ filate.</li> <li>• Nutis dhimma faayidaa qabuu filannoo sirri filaachuudha.</li> </ul> <p><b>Caqafama furtuu:</b> <b>Filp. 4:19 Uma. 13:15.</b>  <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu:</b> <b>Uma. 13:1-18.</b></p>
<b>WAL BARSII SI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Warreen kaanif dursa lachuufi ijoolleen filannoo filatan irratti yaa duddubatan. Aadaakee wajjin kan deemu fakkeenya tokko filadhuuf.</li> <li>• Waa'ee wal-dhabdee yoo dubbattu akkamiti hiiriyaa akka faluu/dabalatuu/ yaadi.</li> </ul>
<b>BAARSIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Hojjettoonni Abraamiifi Loox bakka horii tiksanitti wal-qoccoluu turan. <b>(Uma. 13:5-7)</b></li> <li>• Abraamitti wal-qoccoluun gaarii ta'ee waan itti hin mul'anneefi Loox bakkatti horii isaabobbaafatu akka filatuufi carraa duraa kenneef. <b>(Uma. 13:8-9)</b></li> <li>• <i>Teessuma lafaa sana suura /fakkiidhaan/ ibsi.</i> Looxitti kan dhiyaate lafa laalistuu lafa dhagaa Yordaanos lafa diriraafi Abraam immoo kan filate lafa tulluudhan marfame lafagogaa wal dorgomsiisi. Looxii maaliif kana filate sitti fakkaataa?</li> <li>• Filannoo Loox. <b>(Uma. 13:10-13)</b> <i>Loox filannoo kana maalif filatee? (Waan gaarii isatti mul'atu kana kan ofii isaa godhachuudhaf.) Akkuma Loox hundi keenyaa albaadhessaafi kan of-jaallatudha. Namootni biyya sana jiraatan garuu Waaqayyoon waan hin gammachifneef akka Loox yaadee filatettii dhimmi isaa bu'aa gaarii ta'uu dhabuu isaa ibsi.</i></li> <li>• Abraamifi Loox gargar ba'an guyyaa gaf-tokko Waaqayyo Abraamiifi maatii hundaafgama hundaan lafa inni argu akka isa dhaalchisu kakuu galeef. <b>(Uma. 13:14-18)</b></li> <li>• <i>Abraam osoo tatee hangam sitti dhaga'ama ta'innaa? Akka waan gowwomfamtee sitti fakkatee? (Abraam Loox kan filate caala Waaqayyo kakuu isaaf gale sun akka jiru ragaa kenni.)</i></li> <li>• <i>Loox filannoo gadhee /yaara/ filate. Filannoo ogummaan guutame godhuu qabna. Filannoo hundumarra caalu gooftaa Yesusiin gara jireenya keenyaatti affeerudhaan cubbuu keenya akka nuuf dhiisu gochuu dha.</i></li> <li>• <i>Abraamiif waan barbaachisu hundumaa akka kenne nufis hundumarra kan caalu waannu barbaachisu nuuf guutuu akka danda'u xiyyeeffannoo itti kenni. Waaqayyo kakuu isaa kabajuuf akka itti amannu ibsi.</i></li> </ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumurru.</b>  <b>Agarsiisuu:</b> suura bilisaa Kitaaba Qulqullu Abraamifi Loox gargar ba'ani.</p>
<b>BARATAAN</b>	<p>Caqasni ijooon barbaachisaa yoo ta'e barsiisuuf ibsuu - <b>Uma. 13:15 Filp. 4:19.</b>          Seenaan kun Abraam bakka arsaa yeroo hojjetee xumuuramedha.</p>
<b>YAADACHISI</b>	<p>Garee sana keessaatti gaaffii sana sirritti kan deebise wanta ittin taphatan lafa kaa'uun dhagoota itti haa guurru. <b>(Uma. 13:1-6)</b> Inni dhugaan dhagaa isaa mimmiidhagsuu dha. Gareen mo'ate dhagaawwan arsaa hedduu qaba.</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Abraam badhaadhaa ta'uu isaa akkamitti beekuu dandeenyaa?</li> <li>• Filannoo jalqabaa kan godhe eenyuu?</li> <li>• Lolli akka dhaabbatu kan barbaadee murteesse eenyuu?</li> <li>• Loox lagni inni arge isa kaamiidhaa?</li> <li>• Loox gara kallatti kami deeme?</li> <li>• Bakka Loox filate gaarii kan hin taaneefi maaliifi?</li> <li>• Waaqayyo Abraam gara kam akka laalu dubbate?</li> <li>• Kakuu Waaqayyo Abraamiif gale maaliidhaa? /biyyaa fi maatii?/</li> <li>• Abraam bakka arsaa hojjetee irratti maal godhee?</li> <li>• Jireenyaan filannoo bu'aa qabeessi hedduun nuti gochuu qabnu maaliidhaa?</li> </ul>



### A5 Seenaa 3

#### Waaqayyo kakuu Abraamiifi kenne – Seenaan kun waa’ee kakuu Waaqayyo amanuuti.

	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Waaqayyo waa’ee gara fulduraa waan beekuuf waan gara fulduraatti ta’uuf kakuu gala.</li> <li>• Waaqayyo kakuu isaa akka amannu barbaada.</li> </ul> <p><b>Caqafama furtuu:</b> 1 Qor. 10:13 Uma. 15:6  <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu:</b> Uma. 15:1-7</p>
<b>WAL BARSII SI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Ijoolleedhaaf ibsa kakuu mul’atu qopheessi. Raawwii xumura kakuu eeguuf argisiisuun kan nurra jiruuf kakuun sun dhugumatti yoo raawwatu gammachuu horannuuf xiyyeeffanno kenni. (Sababa haalotaatin waa’ee kakuu hin raawwataminii ibsa kenniif.)</li> <li>• Akka namaa jecha keenya yoo nuti hin eegnellee, Waaqayyo yeroo mara jecha isaa eegata.</li> </ul>
<b>BAARSIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Waaqayyo Abraamitti abjuun itti mul’ateeti ilma akka isaaf kennu kakuu galeef. <b>(Uma. 15:1, 4)</b> <i>Haala kana isa Waaqayyo dursee Abraamiif galeen wal qabsiisi. Oduu gammachiisaan kun nama waggaa 90 ta’ef akkamitti akka nama raajjefachiisu argisiisuudhaaf yaali.</i></li> <li>• Waaqayyo Abraamiin urjoota itti argisiisuudhaan qoomooke akka urjoota samii nan godha jedhe! <b>(Uma. 15:5)</b> <i>Urjoota lakkaa’uun akka hin danda’amne agarsiisuudhaaf yaali! Ijoollee urjootaaf raajjefannaa uumaa isaaniitin akka raajjefachuun hirmaatan godhi.</i></li> <li>• Abraam kakuu Waaqayyo amanate <b>(Uma. 15:6)</b> <i>Abraam maaliif kakuu Waaqayyo akka amane sababoota isaa gulaluun / sakkata’un / ni barbaachisa.</i></li> <li>• Waaqayyo Abraamif Saaraadhaaf maqaa haaraa baasee. <b>(Uma. 17:5, 15)</b> <i>Maqaanhaaran Abraahaam jechuun “Abba saba hundaa” waan ta’ef yeroo maraa sagalee kakuu waaqayyo yaadata.</i></li> <li>• <i>Waaqayyo nuuf sagalee isaan ykn Kitaaba Qulqulluu keessatti kakuu nuuf qaba. Yommuu isa amanannu kakuu Waaqayyo nuuf kennu murasa fakkeenya kenni.</i></li> <li>• <i>Waaqayyo kan inni jedhu yommuu amannu nutti gammada.</i></li> </ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumuru.</b>  <b>Agarsiisuu:</b> suura bilisaa Kitaaba Qulqulluu: sagalee kakuu Waaqayyo Abrahaamiif gale.</p>
<b>BARATAAN</b>	<p>Caqasni ijoon barbaachisaa yoo ta’e barsiisuu fi ibsuudha - <b>1Qor. 10:13</b> (Waaqayyo amanamaa dha) amanamaadha jechuun Waaqayyo sagalee isaatiif amanamaadha jechuu dha ibsa. <b>Uma. 15:6</b>, Abraam yommuu isatti amanu Waaqayyo itti gammade.</p>
<b>YAADACHISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Abraamiin Waaqayyo gara fulduraatti maal taata jedhee kakuu galeefii?</li> <li>• Kakuun Waaqayyo Abraamiif abjuudhaan isaaf gale maal ture?</li> <li>• Haati manaa Abraam eenyuu?</li> <li>• Waaqayyo Abraamitti maal agarsiisee?</li> <li>• Waaqayyo urjootaa maal faana wal dorgomsiisee?</li> <li>• Waaqayyo Abraamiif kakuu yoo kennuu inni maal godhee?</li> <li>• Maqaan haaraan Abraam eenyuu?</li> <li>• Maqaan Saaraa inni haaraan eenyuu?</li> <li>• Waaqayyo kakuu isaa yeroo nu barsiisu maal akka isaaf taanu nurraa barbaadaa?</li> <li>• “Amani” jechi jedhu maal jechuudha?</li> </ul>

### A5 Seenaa 4

#### Abraamifi keessumoota – Seenaan kun kakuun Waaqayyo dhugaa ta’uu isaa kan agarsiisudha.

	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Kitaaba Qulqulluun osoo hin barreffamiin dura Waaqayyo ergaa isaa bifa garagaraan ergeera. Ergamoonni bu’aa qabeessoni sadan kun ergaa kana Abraamiif fidani dhufan.</li> <li>• Waaqayyo sagalee isaaf amanamadhaa. Wanti isaaf dadhabamu hin jiru.</li> </ul> <p><b>Caqafama furtuu: Uma. 18:15</b>  <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu: Uma. 18:1-15</b></p>
<b>WAL BARSIIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Akka aadaatti keessumoonni hin egamne gara manakee yoo dhufan maal akka gootu itti dubbadhu. Kana argisiisuudhaaf keessumoota muraasa akkamitti akka simattu kan agarsiisu tapha (agarsiisa) tokko qopheessi.</li> <li>• Dhufaanii warra Abraam ilaalan (doo’atani) kan agarsiisu haala isaa suura kaasi. Namoonniwayii gara isaatti yeroo dhiyaataan Abrahaam balbala godoo (duukaana) funduraaboqonnaa irra ture ... namoonni kun enyuu fa’iidhaa?</li> </ul>
<b>BAARSIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Abrahaam warra isa ilaalan (daawwatan) simatee nyaataaf bishaan dhiyeesseef. <b>(Uma. 18:2-8)</b> <i>Ga’ee Sooraa ibsa godhi. Seena kana kan nama dharraasisu gochuudhaafi miira isaa dubbachuu. Waa’ee ifa aduu, bishaan qorraa yoo ho’ee miila irratti dhangalafame, folii nyaataa...</i></li> <li>• Soorata sana erga nyaatani booda warri ilaalan sun sadan Abrahaamiin waggaa itti annu Saaran ilma akka deessu ergaa misiraachoo labsaniif. <b>(Uma. 18:9-10)</b> <i>Keessumoonni isaa kana akkamitti beekanii? Keessumoonni eenyufaa akka ta’an ibsa godhi. Ergamoota Waaqayyo waaqarraa tokko gooftaa Yesus, warreen kaan Immoo ergamoota dha. Abrahaamitti ergaan misiraachoo miira akkamii akka itti dhageessise irratti maari’adhaa. Kakuun Waaqayyo raawwachuudhaaf dhiyoo dha!</i></li> <li>• Kan hin danda’amne seetee Saaran yoo kolfitu kakuu hin danda’amne gooftaan isheef godhe. <b>(Uma. 18:11-15)</b> <i>Waaqayyo yoo saaran kolfituu akkamitti irraa akka adda ba’ee mari’adhaa.</i></li> <li>• Waggaan booda saaran ilma deesse. <b>(Uma. 21:1-7)</b> <i>Gammachuun akkamii akka itti dhaga’amu agarsiisuudhaaf yaalaa. Waaqayyo jecha isaa eege? Ijoollee sadarkaa 2ffaaf maqaa Yisihaaq ibsa godhiif (kolfa).</i></li> <li>• <i>Waaqayyo kakuu keenya hundii akka nuf raawwatuuf waaqa nu deggarudhaa. Isaaf homtuu hin dadhabamu. Har’as isuma! Waaqa aja’ibaa itti amanannu akkamitti.</i></li> </ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumurru.</b>  <b>Agarsiisuu:</b> fakkii Kitaaba Qulqulluu bilisaa- Abrahaamifi keessumoota sadaan.</p>
<b>BARATAAN</b>	<p>Caqasni ijoon barbaachisaa yoo ta’e barsiisuuf ibsuu - <b>(Uma. 18:14)</b></p>
<b>YAADACHISI</b>	<p>Gaaffileen gilgaalota kana seenaa kana wajjin deemu. Isaan kanatti fayyadamuu ykn seenaa gaaffiwwan A5 irra jiran wal makuun itti gargaaramuu dandeessa.</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Keessumoonni sa’aatii akkamii dhufani?</li> <li>• Abrahaam yeroo sana eessa ture?</li> <li>• Abrahaam saaran maal akka gootu gafate?</li> <li>• Saaraan maalif kolfitee?</li> <li>• Kan biro maal nyaachuu qabuu?</li> <li>• Keessumoonni gammachuu yoo itti himaan saaraan essaa jirtii?</li> <li>• Saran hangaa mucaa argatuttii yeroo hangaamii tutree?</li> <li>• Maqaan mucichaafii kannamee eenyuu?</li> <li>• Yoo yisihaaq dhalatuu umuriiin Abraam meqaa?</li> <li>• Sababa lamaan Abrahaamifi Saaraan itti gammadan ibsii. (Mucaa argataan, kakuu waaqayyoo rawwatef.)</li> </ul> <p><b>Hojiirra oolchi:</b> ijoolleen seenaan jalqabaa yoo seeneffamuuf gammaduu danda’u. Gochaawwan hundinuu itti yaadatamanii akka hojjetaman yaadi. Tajajiltoota, geggessitoota, ga’ee Abrahaam, Saaraa, tajaajilaa, keessumootaa sadan, gara xiqqoon ta’ani ijoolleen waan dubbachuu qaban gahee isaanii yaa ba’aan.</p>

## A6 Seenaa 1

### Abrahaam Waaqayyoon dhaga'e – Waan hundumaa caala Waaqayyoon jaallachuu.

	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"><li>• Abrahaam waan hundumarra caalchisee Waaqayyoon jaalata.</li><li>• Nutis garaa keenya guutuudhaan Waaqayyoon jaalachuu qabna.</li></ul> <p><b>Caqafama furtuu:</b> Uma. 22:8 Kes. 6:5 <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu:</b> Uma. 22:1-9</p>
<b>WAL BARSIIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Maaltu hedduu akka isaan fayyadu ijoollee gaafadhu. Jireenya kee keessaa wanti baay'ee barbaachisaan maaliidhaa? Maaliif si fayyadaa?</li><li>• Wantoota kana yoo deebisan hangam akka itti dhaga'amu ijoollee gaafadhu. Wanta kana kennuu ni barbaada? Yoo sinirraa fudhataame hangam isinitti dhaga'ama ta'innaa? Seenaan har'a kun waan bu'aa qabu Waaqayyoof akka kenne ibsa.</li></ul>
<b>BAARSIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Waaqayyo kakuu isaa Abrahaamii fi Saaraadhaaf eeguudhaan mucaa dhiiraa kennef. Maqaanisaas Yisihaq jedhama, baay'ee jaallatu turan. <b>(Uma. 21:3)</b></li><li>• Guyyaa tokko Waaqayyo Abrahaam Yisihaq fudhee gara tulluu Moriyaatti akka ba'uu abboome. Waaqayyos Abrahaam mucaa isaa aarsaa akka godhu barbaade. Waaqayyo kanas kan godheef Abrahaam dhuguma akka isa jaalatu ilaaluudhaaf ture. <b>(Uma. 21:1-2)</b> <i>Kun Abrahaamiin hedduu yoo naasise iyyuu isaaf abboomame.</i></li><li>• Ganama Abrahaam waan deemsaaf barbaachisu hunda qopheesse. Bakka aarsaa irratti kan ibidda ittiin bobeesu qoraan falaxamaa harreetti fe'ee hojjetoota lama wajjin deemsa jalqabe. <b>(Uma. 22:3)</b></li><li>• Guyyaa sadiin booda gara waaqayyo filate tulluu Moriyaa ga'an. Abrahaam hojjetoota lamani fi harree isa wajjin hanga inni deebi'utti akka isa eegan itti hime. Yisihaqin qoraan baachisee, ofii isaa immoo albeefi ibidda qabate. <b>(Uma. 21:4-6)</b></li><li>• Tulluu sana ba'uu yeroo jalqabaan Yisihaq abba isaatiin hoolaan aarsaadhaaf aarfamu eessa jedhee gaafate? Abrahaamis "yaa mucaako, Waaqayyo ofuma isaaf hoolaa qalmaa niqopheessaa" jedhe. <b>(Uma. 22:7-8)</b></li><li>• <i>Abrahaam Waaqayyof kan abboomameef waan isa jaallatuf Waaqayyoon garaa keenya guutuun akka jaalannuufi waan inni nu gaafate hundumaaf akka aboomamnee raawwannub ni barbaadaa.</i></li></ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumuru.</b> <b>Argisiisuu:</b> suura bilisaa Kitaaba Qulqulluu waa'ee Abrahaamifi Yisihaq.</p>
<b>BARATAAN</b>	<p>Caqasni ijoon barbaachisaa yoo ta'e barsisuu fi ibsuudha - <b>Uma. 22:8 /Kes. 6:5/</b></p>
<b>YAADACHISI</b>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Maqaan mucaa Abrahaam eenyu jedhamaa?</li><li>• Abrahaam bakka inni adeemu Waaqayyo kan isa abboomme maqaan tulluu sana maal jedhamaa?</li><li>• Hojjetoonni Abrahaam of wajjin fudhatee deeme meeqa?</li><li>• Beeldani Abrahaam fudhatee deeme maal jedhamaa?</li><li>• Tulluu sana bira ga'uudhaaf yeroo hangamii isaanitti fudhatee?</li><li>• Abrahaam "hoolaa aarsaa ni dhiyyeese" kan jedhe eenyuu?</li><li>• Abrahaam nama hundumarraafi waan hundumaa calchiisee kan jaalatu eenyuunidhaa?</li><li>• Garaa keenya guutuun jaallachuu kan qabnu eenyuu?</li></ul>

## A6 Seenaa 2

### Abrahaam Waaqayyoo abboomame – Hoolaan bakka Yisihq buufame /aarsaa ta'e/.

	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"><li>• Waaqayyo bakka Yisihq akka fudhatuuf korpheessa hoolaa qopheesse.</li><li>• Yesus waa'ee cubbuu keenyaaf fannoo irratti yoo du'u bakka keenya fudhate.</li></ul> <p><b>Caqafama furtuu:</b> Gal. 2:10 <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu:</b> Uma. 22:9-14</p>
<b>WAL BARSII SI</b>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Balleessaa tokko yoo balleessan akka adabaman ijoolleetti himi. Maaltu akka isaanitti dhaga'amu isaan gaafadhu.</li><li>• Achumaan adaba sana namni tokko bakka isaanii akka adabamu yoo itti himne, maaltu isaanitti dhaga'amaa?</li><li>• Seenaan har'aa bakka Yisihq namni biro akka du'e ijoolleedhaaf ibsudha. Seenaa duraasana ijoollee yaadachiisi.</li></ul>
<b>BAARSIISI</b>	<p>Seenaa bara durii ijoollee yaadachisi.</p> <ul style="list-style-type: none"><li>• Dhumarratti Abrahaamifi Yisihq fiixee tulluu irraa gara bakka lafa aarsaa dhagadhaan hojjetame ga'ani. Achumaan Yisihq bakka aarsaa sanarra ciise. <b>(Uma. 22:9-10)</b></li><li>• Abrahaam albee baafatee Yisihqiin qalee aarsaa gochuudhaaf yoo qophaa'u ergamaan Waaqayyo waaqarraa isa waamee mucaa isaa akka aarsaaf hin dhiyyesine itti dubbate. Abrahaamis Waaqayyoon hangam akka jaalatu agarsiise. <b>(Uma. 22:11-12)</b></li><li>• Abrahaam garagalee naannoo isaa yeroo ilaalu korpheessa hoolaa arangamaa keessatti qabamee jiru tokko arge. Achumaan fuudhee qooda Yisihq qalma gubamu godheeisa dhiyeesse. <b>(Uma. 22:13)</b></li><li>• <i>Abrahaamii fi Yisihq hoolaan sun bakka Yisihq fudhachuun isaaf mirri isaanittidhaga'amu maal ta'uu akka danda'u yaadi?</i></li><li>• <i>Yesus fannoo irratti yommuu du'u qooda keenya fudhate. Hojiin nuti hojjenne hunduu dogongora waan ta'eef Yesus dogongora keenya hundaaf adabbii isaa du'u isaanitti fudhate.</i></li><li>• <i>Yesus nuuf kan du'eef waan nu jaalatuf cubbuu keenyaan akka nuti hin adabamne waan barbaaduuf. Inni akka nuti isa jaalannu waan barbaaduuf qooda cubbuu keenyaa fudhatee du'uu isaatiif isa galateeffanna.</i></li><li>• <i>Yesus akka siif du'eefi akka si jaalatu yoo beektu miira akkamitti sitti dhaga'amaa?</i></li><li>• <i>Yesusiin jaalachuu keenya akkamitidhaa kan agarsiisuu dandeenyuu?</i></li></ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumurru.</b> <b>Argisiisuu:</b> suura bilisaa Kitaaba Qulqulluu, Abrahaamifi Yisihq.</p>
<b>BARATAAN</b>	<p>Caqasni ijoon barbaachisaa yoo ta'e barsisuu fi ibsuudha - <b>Gal. 2:2</b></p>
<b>YAADACHISI</b>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Abrahaam bakka aarsaa qalma gubamuu eessatti hojjetee?</li><li>• Bakka qalma gubamuu sana hojjechuuf maalitti fayyadamnee?</li><li>• Samii/waaqa/ irraa kan isa waame eenyuu?</li><li>• Ergamaan Abrahaamitti maal dubbate?</li><li>• Waaqayyo Abrahaamitti maal agarsiisee?</li><li>• Qalma gubamu sana irratti bakka Yisihq kan fudhate/bakka bu'e/ maal ture?</li><li>• Fannoo irratti qooda keenya kan fudhate eenyudhaa?</li><li>• Yesus fannoo irrattii maalif du'ee?</li></ul>

### A6 Seenaa 3

#### Waaqayyo si gargaare – Waaqayyo karaa si qajeelcha.

	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"><li>• Hojjetaan sun Waaqayyo akka isa gargaaruuf gaafate, Waaqayyos isa gargaare.</li><li>• Waaqayyoon yoo gaafanne nu gargaaruu danda'a.</li></ul> <p><b>Caqafama furtuu: Uma. 24:27, Mat. 7:7</b> <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu: Uma. 24:1-28</b></p>
<b>WAL BARSII SI</b>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Ijoollee kan isaan gargaaru yoo jiraate gaafadhu. Eenyutu isaan gargaare? Maaliin isaan gargaaruu? Yoo isaan gargaaran miirri isaanitti dhaga'amu maalii?</li><li>• Ijoolleen seenaa xiqqoo kan namoota biroo gargaaraan akka dubbatan eeyyamiif?</li><li>• Seenaan har'a Waaqayyo nama akka gargaaru ijoolleedhaaf ibsuudha.</li></ul>
<b>BAARSIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Abrahaam amma baay'ee dulloome du'uu isaan fuldura Yisihaa akka fuudhuu barbaade. Sababa kanaaf hojjeta isa olaanaatiin ilma isaatiif haadha manaa akka barbaadu abboomii kenneef Waaqayyo gara dubartii sirriitti akka isa geessu akka amanuu qabu itti dubbate. <b>(Uma. 24:1-9)</b> <i>Abrahaam hojjetaan isaa haadha manaa Yisihaaqiiif akka barbaadu yoo itti himu hojjetaa sanatti maaltu dhaga'ame ta'inaa?</i></li><li>• Hojjetichi gaalota Abrahaam 10 fudhatee deeme. Guyyaa hedduu erga deemeen booda magaalaa Nakoor bukkee bolla bishaan tokko bukkee boqote. Yeroon isaas galgala yeroo dubartoonni bishaan waraabachuudhaaf ba'an ture. <b>(Uma. 24:10-11)</b></li><li>• Hojjetichi dubartoota bishaan waraabuudhaaf dhufan keesaa haadha manaa Yisihaaqiiif taatu akka isatti argisiisuuf Waaqayyoon gaafate. Mallattoon isaa bishaan na obaasi jedhe kan gaafatu tole kan jettuufi gaalota isaa kan obaafu yoo ta'e isheen Waaqayyo akka Yisihaaqiiif filate beeke. <b>(Uma. 24:12-14)</b></li><li>• Yeroodhuma sana intalli baay'ee miidhagdu tokko gara boolla bishaanii yoo isheen dhuftu arge. Maqaan ishee Ribqaa jedhamti. Bishaan akka obaafu yoo gaafatu gammachudhaan isa obaafte. Gaalota isaafis bishaan ga'aa obaafte. <i>Hojjetaan sun maal yaada ta'inaa? Gammachuu akkamiitu itti dhaga'ame ta'inaa?</i> <b>(Uma. 24:15-21)</b></li><li>• Hojjetaan sun kennaa Abrahaam irraa fide erga itti kenneen booda mana isaanii keessaa bakka bultii akka jiru gaafate. Isheenis iddoon bultii hedduun akka jiru yoo itti himtu, hojjetaan sun gugguufee Waaqayyo kadhata isaa dhaga'e gara dubartii sirriitti waan geesse /agarsiise/ galateefate. <b>(Uma. 24:22-27)</b></li><li>• <i>Hojiin hojjetu baay'ee ulfaataan siif kennamee beekaa? Fakkeenya gaarii kenni.</i></li><li>• <i>Hojjetaan sun gargaarsa kan gaafate maaliidhaa? Akka nu gargaaruuf eenyuun gaafachuu qabna? Murtii fi filannoon nuti goonu yoo jirate Waaqayyo nu gargaaree gara sirritti nu geessa. Filannoo sirrii akka goonu nu gargaara.</i></li></ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumuru.</b> <b>Argisiisuu:</b> suura bilisaa Abrahaamifi Yisihaaq fakkii Kitaaba Qulqulluu.</p>
<b>BARATAAN</b>	Caqasni ijoon barbaachisaa yoo ta'e barsisuu fi ibsuudha - <b>Uma. 24:27 Mat. 7:7</b>
<b>YAADACHISI</b>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Yisihaaqiiif haadha manaa barbaaduuf kan deeme eenyudhaa?</li><li>• Hojjetan sun gaaloota meeqa fuudhee deeme?</li><li>• Hojjetan sun eessa ata'ee?</li><li>• Naannoo sa'aati akkamitti achi ga'ee?</li><li>• Dubartii sirrii akka itti agarsiisuuf hojjeetan sun eenyuu gaafatee?</li><li>• Duubartiin boolla bishaanii bukkeetti arge eenyu jedhamtii?</li><li>• Hojjetaa sana gargaaruudhaaf maal goote?</li><li>• Akka Waaqayyo isa gargaare yoo beeku hojjetaan sun maal godhee?</li></ul> <p>Yoo yeroo qabatte ijoolleen nama biraa yoo gargaaru suura agarsiisu kan ofii isaanii akka suuraa kaasan godhaa.</p>

#### A6 Seenaa 4

### Filannoo Waaqayyo – Yisihq Ribqaa fudhuu isaa.

	<p><b>Barumsa kanarraa wanti nuhi barannu:</b></p> <ul style="list-style-type: none"><li>• Yisihqifi Ribqaan karoora Waaqayyo hordofuu isaatiin baay'ee kan gammadanidhaa.</li><li>• Waaqayyoon yoo amannuufi karaa isaa yoo hordofnu kan gammanne taana.</li></ul> <p><b>Caqafama furtuu: Far. 144:15</b> <b>Dubbisa Kitaaba Qulqulluu: Uma. 24:28-67</b></p>
<b>WAL BARSII SI</b>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Ijoolleen bakka cidhaa deemanii yoo beekan gaafadhu. Eenyu ture kan inni fudhee? Maal uffatanii turan? Bakka cidhaa sanatti maaltu ta'e? Misirroonni gammadaniiruu?</li><li>• Yeroo Kitaaba Qulqulluutti seera cidhaa ture seenaa har'aa keessatti ijoolleetti himi. Tarii seenaan kun cidha biyya keessanitti seera hin hordofamne ta'uu danda'a.</li></ul>
<b>BAARSIISI</b>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Seenaa kanaan dura jiru ijoollee yaadachiisi.</li><li>• Ribqaan waan ta'e itti himuudhaaf gara manatti kaatte. Obboleessa ishee kan ta'e Laabaan gara bolla bishaanitti kaatee hojjetaa sana gara manaatti simate. Hojjetaan sun irbaata osoo hin nyaatiin maaliif akka dhufe maatii Ribqaatti dubbate /hime/. <b>(Uma. 24:28-49)</b></li><li>• Abbaa isheefii Laaban hojjetaa Yisihqiin gara mana Ribqaatti kan erge Waaqayyo jedhaanii laman isaanii waliigalani. Turtii tokko malee hojjetichi Ribqaan fudhatee gara biyya isaatti akka deemuufi haadha manaa Yisihq akka taatu eyyamaanif. Hojjetaan sun Waaqayyo kadhata isa waan dhaga'eef galateeffate. Achumaan Ribqaafi maatii isheetiif kennawwaan hedduu kennee. <b>(Uma. 24:50-53)</b></li><li>• Ganama Ribqaan Yisihqitti heerumudhaaf hojjeticha wajjin akka deemtuuf fedhii ishii gafate. Ribqaanis deemudhaaf walii galte. <b>(Uma. 24:54-61)</b> <i>Ribqaatti maaltu itti dhaga'ama ta'innaa? (Yisihqiifi maatii isaaf waan hin beeknefi aartee ta'innaa? Yookiinifedhii Waaqayyo ta'uu isaatiin ni gammaddi ta'innaa?)</i></li><li>• Garaa mana Abrahaam yoo ga'an Yisihq maaltu akka ta'u aja'ibsifatee ni ega ture. Galgala tokko osoo bashannana irra jiruu gaalonni yoo dhufan arge. Innis Ribqaadhaan бага nagaadhaan gara mana haaraatti dhufte jedheenii, gara godoo haadha isaatti fudhate. Ribqaaniis Yisihqiif haadha manaa baay'ee inni jaalatu taateef. <b>(Uma. 24:61-67)</b></li><li>• <i>Yisihq haadha manaa haaraa yoo argatu akkamitti gammade laata? (Baay'ee gammada ta'a ykn tarii kana fulduraa Ribqaan argee waan hin beekneef gaddee? Karoora Waaqayyo ta'uu isa waan amaneef Ribqaan haadha manaa godhate.)</i></li><li>• <i>Yisihqii fi Ribqaan Waaqayyoon waan amananiif baay'ee kan gammadani dha. Waaqayyo akka isa amanannuufi hordofnu ni barbaada. Isaa kana yoo goonuu gammachuu guddadhaan guutumna.</i></li></ul> <p><b>Yeroo barumsa Kitaaba Qulqulluu xumuru.</b></p>
<b>BARATAAN</b>	<p>Caqasni ijooon barbaachisaa yoo ta'e barsiisuuf ibsuu - <b>Far. 144:25</b> caqasni kun Waaqayyo karoora isaa yoo nuuf rawwatu jireenya keenyaan hangam kan gammanne akkataane ibsa.</p>
<b>YAADACHISI</b>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Maqaan obboleessa Ribqaa eenyu jedhamaa?</li><li>• Irbaata osoo hin nyaatiin dura hojjetichi maal godhee?</li><li>• Maatiin Ribqaa isheen haadha manaa Yisihq akka taatuuf maaliif waliif galanii?</li><li>• Hojjetan sun Ribqaafi maatii isheef maal kennee?</li><li>• Gara Ribqaatti kan geesse eenyu jedhaani?</li><li>• Ribqaan hojjeticha wajjin kan deente yoomiidhaa?</li><li>• Hojjetichifi Ribqaan yoo daandii deeman kan isaan hordofe eenyu turee?</li><li>• Yisihqifi Ribqaan maaliif gammadani?</li><li>• Nama hunda caalatti waan hundaa olitti akk gammadan kan tasiisu eenyuu?</li></ul>

## **Qajeelfama barsisoonni qabxii barumsaa ittiin guutan.**

### **Barumsa Sad. 1ffaa.**

- Kitaabicha keessatti bakka dibamu ykn ajajni isaa kan irratti barreeffamu fuulli 1 ykn 2 barbaachiisu.
- Barnoota torbanitti qabxiin kudhan kan raawwatame yoo ta'u kun immoo ji'a keessatti qabxii 40 ta'a.
- Ijoolleen sad.1ffaa sirriitti waan hin dubbifneef maatiin/guddiftonni ykn barsisoonni isaan gargaaruu qabu.
- Barnoonni tokkon tokkon isa qabxii 2 yoo qabatu fuulli dibamu 10 ta'uu qaba.

### **Barumsa sad.2ffaa**

- Torbanitti fuula 2 (Qajeelfama Kitaabicha keessaa 4).
- Seenaan isa barumsa keessatti galeera. Barattooni ajaja garagaraa barbaadu, halluu dibuu bareechuu, caqasa ijoo guutuu fi.k.k irraa egama.
- Barumsi isaa yoo xumuramu torbanitti qabxiwwan 2, ji'atti immoo qabxii 80 qabaatu.

## **HAALA QABANNA QABXII YEROO KITAABA QULQULLUU.**

### **IBSA HAALA QABANNA QABXII.**

Jalqabarratti baratoonni:

- Barumsa kana tokkon tokkon isa sakattaatee sirreessuudhaan sirrii kan ta'aniifi kan hin taanetti mallattoo itti godhii.
- Bu'uuruma qajeelfama kanaatiin qabxiilee barbaachisuuf jajabinaaf badhaasi.
- Deebii tokkon tokkon isaa kan ati soroorsitu yeroo hundumaa qalama adda ta'een ta'uu qaba
- Deebii sirri qabxii kamiyyuu yoo lakkofsisuu baate, barbaachisaa yoo ta'e dogongora jechaa sirreessi.
- Deebii gar- tokkon hojjetaman qabxii hir'isuu qabda.
- Walii galaan kan ji'aa ida'uudhaan fuula dhumaa irratti bakka duwwaa jiru irratti guuti. Barattoota jajabeessuudhaaf yeroo qo'annaa Kitaaba Qulqulluu, waan hundumaa hojjechuuf gaarii ta'utu sirra jira. Barsiisaan ji'umaan jecha jajabina dhuma barumsa irratti bakka duwwaa kenname irratti guutuun nifayyada.

Bakka yaanni kennamutti dibata gaariin dibuu, qulqullinaaf bu'aafi sadarkaa barumsaa ittin hubatanii fi.k.k f ta'uu danda'a. Yaadonna kennaman hanga danda'ametti kan gargar ta'aa akka ta'an yaali.

Gaaffiwwan, himoonni, hubannoowwan, jajjabinaleewwanifi k.k f kan irra deddebi'aman yoo ta'e gaaffileewwaan garagaraa itti fayyadamuudhaaf ni gargaara. Itti yaaduudhaa yoo gaafattu iyyuu fedhii barattoota kan Dammaqsuuta'uu barbaachisa. Ji'atti himoota wal fakkaatan ykn gaaffii irra deddebi'aaman yoo ta'e xiyyeeffanoo hinharkisu.

### **SADARKAA 1FFAA**

#### **Yaadoota walii galaa:**

“Eemii: barnoota kana wan jalqabdeef gammadeera. Akka ati itti gammaddus abdiin qaba. Halluu dibuu kee jaalladheera mana barumsaa galteettaa? Waa'ee dhimma kana natti himi deebii isaa dhaga'uudhaaf arifadheera.”

“Indiriyaas: haala ta'uun hojjeteraa, dibati halluu akkam nama dinqisisudhaa! Sarara keessatti dibuu hindandeenye ture? Xumura barumsaa irratti dibati halluu dogongoraa murtaa'aatu ture.”

#### **Yaadoota afuuraa:**

“Gaarii hojjetta namni Yesus gargaare nama gammadaa akkamitti.”

“Deebii baay'ee gaarii! Duti Yesus nu gadisisus, kan nama gammachiisu immoo deebi'ee du'aa ka'uu isaati.”

### **SADARKAA 2FFAA**

#### **Yaadoota waliigalaa:**

“Joowwanaa - deebii gaarii: dhugumaan qabatamaa kan nuti taanuu mana barumsatti barsisaan kee baay'ee akka gammadedha! Guyyaan dhalootakee waan dhiyaate natti fakkaate waan adda ta'e hojjete? Waan barbaadde yoo hojjetu guyyaa gaarii sif haa ta'uu!”

“Hedduu dadhabdeetta, dogonggora xiqqoo qabda. Baay'ee xiqqoo yeroo dhumaa hunda deebi kee mirkaaneffachuu hin dagatiin.”

#### **Yaadoota afuuraa:**

“Siree horiin irraa nyaatu keessatti akkamitti mucicha Yesusiin akka suura kaafte baay'ee jaalladheera. Waaqayyo isa gara lafaatti erguu isaatiin garummaa isa hin agarsiisuu?”

“Dibuukee dhugumaa jaalladheera! Zaakaariyaas waan waaqayyo jedhe waan hin amanneef gatii baasuu qaba. Inni gonkumaan sagalee waaqayyo deebi'ee mamuun irra hin jirru.”

“Deebii baay'ee caalu. Namtichi lafa onaatti Filiphosiin argee dhugumaan baay'ee gammadera. Waa'ee Yesus missirachoo dhaga'ee amaneera.”



© Bible Educational Services 2015

[www.besweb.com](http://www.besweb.com)

Registered Charity UK 1096157